

## BOQONNAA 1:

### Yaadrimee fi Adeemsaalee qunnamtii

#### 1.1. Yaadrimee Qunnamtii

Jechi qunnamtii (**communication**) jedhu garee jechaa xumura Afaan Laatiinii “*communicare*” jedhurraa kan madde yommuu ta’u hiikni isaas

- *Waliif gooduu (to share),*
- *Kan walee/walii taasisuu (to make common) ykn*
- *Walitti fiduufi tokko taasisuu (to put in common)” jechuudha.*

Seenaan qunnamtii akkuma seenaa sanyii dhala namaa umrii dheeraa qaba. Qunnamtii bu’aa gochaafi hawaasummaa dhala namaa isa olaanaa (advanced) dha. Qunnamtiin bu’uura jiruufi jireenya dhala namaati. Osoo qunnamtiin hinjiraanee jireenya addunyaa kanaa hiikkoo dhabeessa ta’a ture. Hariiroon saffisaafi sirnawaan har’a dhala namaa gidduutti taasifamu bu’aa tajaajila qunnamtiiti. Qunnamtiin furtuu jireenya addunyaati. Qunnamtiin gama tokkoon bu’aa hojiifi hariiroo hawaasummaa ilma namaa yommuu ta’u, gama kaaniin *meeshaa* dandeettii qunnamtii uumuu dhalootaan (innate) argama.

Daa’imni fayya qabeessi kamiyyuu *Meeshaa Afaan Baruu* –Language Acquisition Device- (LAD) wajjiin dhalata. Meeshaan Afaan Baruu (MAB) kun [hawaasa keessatti] umrii daa’imaafi shaakala wajjiin guddachaa dagaagaa deema. Daa’imni fayya qabeessi tokko akkuma dhalateen boo’uun, bobbuule seeqachuun, waa u’ulachuun, quba hodhuun shaakala qunnamtiiti. *Kana malees, bineensotaafi bineeldonnillee qunnamtii nitaasisu.* Haata’u malee, qunnamtiin bineensotaafi bineeldotaa akka qunnamtii dhala namaa *sirnawaa, fooyya’aawaa, dagaagaafi jijjiiramummaa* kan qabu osoo hintaane *murtaawaa, salphaa, walfakkaafi dhaabbataadha.* Kan dhala namaa garuu, dagaagaa, walxaxaa, jijjiiramaafi fooyya’aa kan deemuudha.

## 1.2. Hiikkaa Qunnamtii

Qunnamtiidhaaf hiikkaan qeenxeefi dhaabbataan hayyoota adda addaatiin irratti walii galame waalta'aan tokko hinjiru.

**Ogeeyyiin Xiinsammuu, Xiiwwaasaa, Xiinmaddaa, Falaasamaafi** Qunnamtii hundinuu akkaataa hubannoofi fuulleffannaa dirree qorannoo isaaniitiin hiikuuf yaalanii jiru.

**Ogeeyyiin Xiinsammuu**" the process by which an individual (the communicator) transmits stimuli (usually verbal symbols) to modify the behavior of the other individuals (communicates)." jechuun kan hiikan yommuu ta'u, Ogeeyyiin Xiiwwaasaa ammoo, "...communication is the mechanism through which human relations exist and develop." jechuun hiiku.

Namoonni "communication is the process whereby one person tells another something through the written or spoken word." jechuun hiika dhiphaa kennanillee jiru. Kanaafuu, hiikkaan qunnamtiif kenname akkaatuma dirree qorannoo xiyyeeffannoo isaaniitiin adda adda ta'uu agarsiisa.

Qunnamtiin adeemsa jijjiirama walitti fufaafi kallattii lamaan gaggeeffamu. Adeemsi qunnamtii odeeffannoo, yaada, miira, dandeettii, ilaalcha, beekkumsa dabarsuu hammata. Kun ammoo mallattoowwan, jechoota, fakkiwwan, suuraawwan danaawwan, gabateewwan, bobbocawwaniifi tooftaawwan kana fakkaatan adda addaatti gargaaramuun raawwatama.

Kana malees, qunnamtiin adeemsa namoota kaawwan ittiin hubannuufi ittiin hubachiifnu. Kanaafuu, qunnamtiin waljijjiirraa ykn waliif qooddaa yaadaati.

Hiikkaa qunnamtiin Garg (n.d) akka armaan gadiitti gabaabsee ibsa.

*... Communication is viewed as creation and transmission of information, consisting of distinctive stimuli, from a source to a recipient.*

Speaking about the role of communication in everyday life, one can say that communication is a system through which the messages are sent, and feedback received.

***So it is not a one-way process. Rather it is a two-way process.***

Waraabbii kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti, qunnamtiin odeeffannoo mirqaansituu (stimuli) addaa qabu kan dhaamsa dabarsaan kalaqee gara dhaamsa simataatti tamsa'u. Jireenya guyyuu keessatti qunnamtiin sirna ykn toofta dhaamsi ittiin ergamuufi yaadgabbisni simataarraa ittiin dhiyaatu.


- Kanaafuu, qunnamtiin adeemsa kallattii lamaati.
- Yaadrimee olitti dhiyaateen walqabatee hayyoonni addaddaa hiikkaa Qunnamtii gama adda addaatiin kennanii jiru.
- Muraasni galmee jechootaa ‘**Oxford English Dictionary**’ keessatti kanniin armaan gadiiti.
- ✓ Qunnamtiin waljijjiirraa hiikkaa (exchange of meaning) gama sirna mallattoowwaniitiin (system of symbols) namoota gidduutti taasifamu. (I. A. Richards).
- ✓ Qunnamtiin *daddabarsa* ykn *tamsaasa* (transmission) fi *waljijjiirraa* (interchange) odeeffannoo, haqaa, ragaa, yaadaa, ilaalchaa, miiraafi muuxannoo nama tokkorraa nama (namoota) birootti yookaan garee tokkorraa gara garee (gareewwan) birootti mallattoon darbu. (Theodorson and Theodorson).
- ✓ Qunnamtiin hariiroo hawaasaa (social interaction) dhaamsaan taasifamu (Grabert, 1967).
- ✓ Qunnamtiin waljijjiirraa yaadaa ykn odeeffannoo waliigaltee gamlamee/walee (mutual understanding) fi hariiroo namummaa gaarii uumuuti. (American Society of Training Directors).
- ✓ Qunnamtiin dhiibbaa sammun tokko sammuu biroorratti dhaqqabsiisu. (Claude Shannon).
- ✓ Qunnamtiin tooftaa hariiroon ilmaa namaa ittiin jiraatuufi dagaagu. (Wilbur Schramm).
- ✓ Qunnamtiin tamsaasa mirqaansituu ykn si’eessituuti. (Coilin Cherry).
- ✓ Qunnamtiin ida’ama tattaaffii ykn wantoota hunda namni tokko sammuu nama biroo keessatti hiika (meaning) uumuu yoo barbaade taasisu. *Riqicha hiikkaa* (bridge of meaning)ti.
- ✓ Qunnamtiin adeemsa tooftawaafi walitti fufaa dubbachuu, caqasuufi hubachuu gaafata (Louis Allen).
- ✓ Qunnamtiin gocha namni tokko ykn namoonni hedduun dhaamsa erguufi fudhachuu ta’ee ergaan kun haalgalumsa ta’e keessatti jeequmsa ta’een danqamuu ykn carraa yaadgabbisaatiin dagaagu danda’a (Devito).
  
- ✓ Hiikkaawwan armaan olitti kennaman dhugaawwan armaan gadii mirkaneessu.
  - Addunyaan (jireenyi) qunnamtii malee waan yaaddamuu (milkaa’uu) miti.
  - Qunnamtiin adeemsa walxaxaadha.
  - Qunnamtiin hariiroofi guddina hawaasaatiif baayyee murteessaadha.

- Sammuufi qaamni dhala namaa akkasumas haalawwan qabatamoon uumamaa caaccuuwwan gurguddoo qunnamtiiti.
  - Tooftaan mallattoo walee (common symbol system) qunnamtiif barbaachisaadha.
- ✓ Qunnamtii adeemsa namoonni odeeffannoo, yaada, miira akkasumas amala ittiin walii qoodan.
  - ✓ Qunnamtii jechuun yaada, ergaa, ykn odeeffannoo karaa dubbii ykn haasaa (speech) mallattoowwan (signals), barreeffama (writing), ykn amala (behavior) tiin waljijjiiruudha.
  - ✓ Qunnamtiin adeemsa namoonni odeeffannoo, yaadafi fedhii isaanii haala dubbiiifi dubbiin alaatiin karaalee garaagaraa fayyadamuun dabarfatan.
  - ✓ Qunnamtiin adeemsa yommuu jedhamu dhimma walitti fufiinsaan raawwatamu, jalqabaafi xumura kan hinqabne.
  - ✓ Kanaafuu, henna darbe, henna ammaafi henna dhufu kan of keessatti qabatu, yeroo mara jijjiiramni kan irratti mul'atuufi naannawa (circulation) dhimma bittaafi gurgurtaatiin kan walfakkaatuudha.
  - ✓ Qunnamtiin adeemsa (gocha) [wal]qunnamuu- yaalii qunnamtii taasisuu; odeeffannoo dabarsuu- yaalii ergaa dabarsuufi odeeffannoo fudhachuufi hojiirra oolchuuti.

### 1.3. Amaloota Qunnamtii (Characteristics of Communication)

#### A. Qunnamtiin Adeemsa Mallattoo fayyadamuun wantoota Bakka Buusuuti.

- ✓ Adeemsi mallattoowwan adda addaatti fayyadamuun yaadaafi wantootaaf bakka bu'ummaa ibsu kun “signification” jedhama.
- ✓ Waa'ee mallattoo ‘sign’ adda addaa qorachuun ammoo ‘*semiology*’ ykn ‘*semiotic rule*’ jedhama.
- ✓ Fakkeenyaaf



- ✓ Qunnamtiin mallattoorratti hundaa'a kan jedhameefis, mallattooleen kunniin ergaa dabarsuuf oolu waan ta'eef qunnamtiin raawwatamu ammoo kallattiin mallattoowwan kanniinitti fayyadama.
- ✓ Mallattoowwan kunniin ammoo nama, yaada, bakka, wantoota, gochaafi kkf bakka bu'a.
- ✓ Jechoonni, wantoonnifi kkf afaaniin ibsaman, mallattoowwan sirriitti hubatamaniidha.
- ✓ Garuu, *mallattoowwan gochaan* agarsiifaman *amaloota mitidubbii (Nonverbal behavior)* qabu.
- ✓ Isaan kunniinis
  - *Ibsa fuulaa* (facial expression),
  - *Haala miirsagalee* (vocal tone),
  - *Qunnamtii ijaa* (eye contact),
  - *Sochii qaamaa* (gesture, body movement),
  - *Dhaabbii qaamaa* (appearance),
  - *Dhiyaannaa* (approach),
  - *Fageenya bakkaa* (spatial distance) ta'u.

## **B. Qunnamtiin Adeemsa Walittifufaadha**

- ✓ Asii jalqabee asitti raawwata kan jedhamu miti. Adeemsa walxaxaafi waliitti fafaa qaba.
- ✓ Adeemsi itti fufaan kun namoota addunyaa kana irra jiran waliin akka walitti dhufnu nu taasisa.
- ✓ Yeroo hedduu garuu, qunnamtiin akka waan salphaa tooruma tokkoon ergaan dubbataafi simataa gidduutti taasifamuutti ilaalama.
- ✓ Kun yaada dogoggoraadha.
- ✓ Qunnamtiin adeemsa ittifufaa guyyaa namoonni murtaahoon (specific) walquunnamuu jalqaban eegalee, hanga gaafa jireenya isaanii keessatti guyyaa isadhumaa walarganitti ittifufa.
- ✓ Guyyaan jalqaba walarguu kun ergaa bu'aa qabeessa ta'e, gara fuulduraatti walitti dhufeenya uumamuf bu'uura tahuu danda'a.
- ✓ Yeroo dheeraa keessa kanneen hariiroo uuman adeemsi qunnamtii isaanii walitti dhiyaachaa yoo deeman *aadaa tokkumaa qabu horatu*, yookaan haalatti addunyaa kana hubatanis bifa walfakkaatuun tahaa deema.

### C. Adeemsi Quunnamtii Xaxamaadha.

- ✓ Mallattoolee irratti hundaahuudhaan hiikawwan qooduu/qooddachuu, waljijjiiruufi qindeessuudha.
- ✓ Gosoota qunnamtii kanneen akka, *‘interpersonal, functional, impersonal, and nurturing communication’*. aadaa walitti dhufeenyaati.
- ✓ Kanaafuu, koorsii kana keessatti ibsa, *“Communication is the symbolic process of sharing meaning,”* jedhu yoo gargaaramne kaayyoo koorsii kanaa duukaa, walqabata.
- ✓ Ibsi amma filatame kun salphaa fakkaate waan nama gowwoomsuuf jechoota keessa jiraan tokko tokkoon xinxaluun barbaachisa.

### D. Qunnamtiin Yaada walii Qooduudha.

- ✓ Jechoonni dhaamsa dabarsaafi dhaamsa simataan quunnamtii keessatti yeroo heedduu kan tajaajilan yoo tahes, *quunnamtiin ergaa asii fuudhanii achi kaahuu miti*.
- ✓ Yaadrimee kana hubachuuf fakkeenya itti aanu kana haa ilaallu. Taphattoonni lama *“teenisii”* taphataa jiru.
- ✓ Taphattoonni kunneen lamaan dandeettii taphichaatiin *laafoo* yoo tahan, inni tokko yoo rukutu inni tokko dhaabatee eeggata.
- ✓ Yoo kubbaan bira geessu rukutee ceesisee amma isheen gamaa gara isaatti deebitutti dhaabatee eeggata.
- ✓ *Quunnamtii keessatti ergaan mallattoolee haala kanaan nama tokko bira gara nama biraatti, ammas deebi’e gara namichaatti kan deebihu miti.*
- ✓ Waliin tahuudhaan itti fufiinsaan hirmaachuu barbaada. Adeemsi kunis *“the transactional nature of communication,”* jedhama.
- ✓ Inni tokko isa biroo dhiibbaa godhee otoo dabaree hineegiin *akka taphattoota teenisii muuxannoo qabaniitti jalqabaa kaasee hanga xumuraatti sochii kan barbaadudha.*
- ✓ Taphattoonni teenisii ogummaa gaarii qaban akkasitti si’aayinaan tophatu.
- ✓ Haaluma walfakkaatuun, qaamni quunnamtii keessatti hirmaatu adeemsichaa keessatti si’aayinaan hirmaata jechuudha.
- ✓ *Fakkeenyaaf, Galaanaa* nama oduu jaallatu haa jennuu. *Galaanee* waliin odeessaa jiru. Galaaneen *mitjechaan (nonverbally)* mukaahuu, yookaan gammaduu yookaan aaruu ishee Galaanaaf ibsaa jirti.
- ✓ Kuni ammoo akka inni *ergaa mallattooleetiin dabarsu filatu* isa taasisa.

- ✓ Lamaan isaaniyyuu si'aayinaan quunnamtii irratti hirmaachaa ***dhiibbaa walirraan*** gahu.
- ✓ Adeemsa yeroo keessa walitti dhufeenyi guddataa yoo deeme, adeemsi ***tiraanzaakshinaalii caalaa walxaxaa tahaa deema.***
- ✓ Haala namni tokko isa biraa hubatuufi namni biraan sun isa hubatu hariiroo isaanii gidduutti yoomessa uuma.
- ✓ Walitti dhufeenyi jiru baay'ee otoo hinjijjiiramiin kan yeroo hedduuf turu yoo tahe, fakkeenyaaf hojjataafi hoogganaa, abbaa manaafi haadha manaa, maatiifi daa'ima ***adeemsi quunnamtichaa dhaabbataa*** ta'a.
- ✓ Jireenya keenya jijjiiruudhaaf quunnamtiin humna guddaa qaba.
- ✓ Kana hubatee kan dinqisiifatu garuu hinjiru (yookaan) muraasadha.
- ✓ Guyyaa guyyaatti quunnamtii uumaa oollu keessatti hubannaan quunnamtii irratti qabnu gadi'aanaa waantaheef, rakkoon nu mudataa oola.
- ✓ ***Quunnamtiin maal akka ta'e, akkamitti akka hojjetuufi maaliif akka barbaachise beekuun, kallattiiwwan qunnamtii mara hubachuun jireenya guyyuu keessatti milkaahinaaf murteessaadha.***
- ✓ Ogeessonni quunnamtii amala namootaa keessaa kamtu akka qunnamtiitti ilaalama isa jedhurratti yaadaan tokkummaa hinqabani.
- ✓ Quunnamtiin jechaan (afaan gargaaramuun), yookaan mitjechaan (sochii qaamaa, isaannaa fuulaa fi kkf) raawwatamuu dandaha.
- ✓ ***Mormiin jiru garuu***, wanti dalagame, "***itti yaadameetii?***" kan jedhu.
- ✓ Inni lammataa ammoo ergichi, "***simatameeraa (received)?***" kan jedhudha.
- ✓ Yaada kana irratti qabxiiwwan sadii kaasuun nidandahama.
- ✓ Walumaa galatti, qunnamtiin adeemsa ***hiika waljijjiiruu*** waan ta'eef gaheen hirmaattonni taphatanis qunnamtii keessatti dhiibbaa ni qaba.
- ✓ ***Odeeffannoon (dhaamsi) dhaamsa simataa/ fudhataa bira gahuun qofti qunnamtii gahaan gaggeeffame jechuun hindanda'amu.***
- ✓ ***Qunnamtiin gahaa gaggeeffame kan jedhamu dhaamsi darbu akkaataa yaadametti yoo dhaamsa simataa bira gaheefi dhaamsa simataanis akkaataa dhaamsa dabarsaan yaadetti ergaa simataan hubateefii ergichaaf yaadgabbisa kennuun ergaa sana yoo hojiitti jijjiireedha.***

#### 1.4. Seenaa Guddina Qunnamtii Odeeffannoo (Revolution of IC)

- ✓ Yeroo adda addaa keessatti guddinni teknoolojii bifa ykn unkaa (forms) fi *yaada ykn ilaalcha (ideas) haaraa* waa'ee qunnamtiirratti fideera.
- ✓ Fakkeenyaaf guddinni haaraan damee kanarratti dhufe *dirree qorannoo (field of study xiinsamuu sabqunnamtii fi qunnamtii (media and communication psychology)* fi guddinni teknoolojii kunniin addeemsota Qunnamtii irratti jijjiirama ykn warraaqsa (revolution) fidanii jiru.
- ✓ Haala qunnamtiin ittiin jijjiirame ilaalchisee qorattoota *sadarkaalee jijjiiramaa/warraaqsaafur (four revolution stages)* adda baasanii jiru.

#### **I. Sadarkaa Barreeffama Dhagaarraa**

- ✓ Qunnamtiin barreeffamaa kan jalqabaa *suuraa ykn fakkiwwanfi bocawwan* adda addaatiin (*Pictographs*) jalqabame.
- ✓ Kunis dhagaa (stone) irratti waan ta'eef iddoo tokkoo gara biraatiif ykn nama biraatiif dabarsuuf baay'ee ulfaataa ture.

#### **II. Sadarkaa Omisha Meeshaalee Barreeffamaa**

- ✓ Barreessuun wantoota akka waraqaa, paappiiras (papyrus), supheefi kkf irratti jalqabame.
- ✓ Qubeewwan waalta'aa walfakkaatan (common alphabet) uumamuun afaan fagoorratti dubbatamu akka walfakkaatu (uniformity) akka qabaatan taasise.

#### **III. Sadarkaa Sabqunnamtii Maxxansaa (Printing Press)**

- ✓ *Meeshaaleen maxxansaa* nama lammii *Jarman* kan ta'e, *Gutenberg*-iin *jaarraa 15<sup>ffaa</sup> keessa kalaqame*.
- ✓ Kun ammoo dhaabbileen sabqunnamtii maxxansaa akka babal'ataniifi carraan walgahiinsa qunnamtii saffisaan akka dagaagu hiree bane.

#### **IV. Sadarkaa Teknoolojii Qunnamtii**

- ✓ Barri kun bara teknoolojii odeeffannooti.
- ✓ Tamsa'iinsi odeeffannoo bakkaafi yeroon kan daanga'uu miti.
- ✓ Yeeroo amma odeeffannoon dambalii too'atamaa (controlled waves) fi mallattoo elektirooniksii (electronic signals) tiin odeeffannoon fageenyaafi yeroon osoo hindaanga'in saffisaan daddarbaa jira.



### **1.5. Raagamtaawwan Qunnamtii (The Myths of Human Communication)**

- Jechi raagamtaa jedhu jecha raaga jedhuufi jecha amantaa jedhu walitti fiduun kan uumame yommu ta'u, ibsa amantaa (belief) gareen tokko dhimma tokkoof kennu jechuudha.
- Raagamtaan kun ammoo qunnamtii dhala namaa kan ilaallatu ta'a. Ibsi amantaa haala kanaan kennamu dhalaama akka dhugaatti duudhaan daddarbaa dhufeefi dhugaa fakkaatu malee haqa ykn dhugaa qabatamaa ta'uu dhiisuu danda'a.
- Duudhaan haqa saayinsaa ta'uu dhiisuu mala.
- Raagamtaawwan qunnamtii dhala namaa keessatti mul'atan kanniin armaan gadiiti.

#### **1. Dandeettiin Qunnamtii Gaariin nibaratama.**

- ✓ Dandeettiin qunnamtii gaariin qajeelfamoota qunnamtii dhala namaa hordofuufi shaakaluun kan baratamu malee nama wajjiin kan dhalatuu ykn dhalootaan kan gonfatamuu miti.
- ✓ Haa ta'u malee, namoonni tokko tokko uumamaan qaxalee ykn axarii (active) ta'anii kan dhalatan ta'as, hundinuu dandeettii isaanii barnootaafi shaakalaan fooyyeffachuufi caalmaatti dandeettii qunnamtii gonfachuu danda'u.

- ✓ Effective communication is a learned skill; although some people are born brighter or more extroverted than others, all can improve their abilities and become more effective communicators.

## 2. Hariiroo Qofaan Qunnamtii Milkaawuu Hindanda’u.

- ✓ Namoonni yeroo dheeraaf waan wajjiin jiraataniifi hariiroo cimaa waan qaban qofaaf, fkf dhiirsaafi niitiin, osoo walitti hindubbataniifi mallattoon waliif hin ibsin yaada ykn fedha walii osoo walitti hin himin yoo tilmaamaan malee garaatti waliif hubachuu/beekuun hindanda’an.
- ✓ Namoonni waan dubbatameefi waan agarsiifame haala dhaamsichi ittiin tamsa’een walqabsiisuun xiinxalu malee sammu dubbistootaa miti.
- Whenever two people are in a close relationship for a long period of time, one person could not understand his or her needs and wants.
- People aren’t mind readers, and to assume that they are merely sets up barriers to open and honest communication

## 3. Dandeettiin Qunnamtii Nishaakalama.

- ✓ Dandeettiin qunnamtii gaariis haa ta’uu yaraan shaakalaan gonfatama.
  - ✓ Dandeetii qunnamtii yaraa yoo shaakalle, naamusa qunnamtii gaarii gonfachuu hindanda’amu.
  - ✓ Waan kana ta’eef, amala qunnamtii gaarii barachuufi qajeelfamoota qunnamtii ga’umsa qaban hordofuun barbaachisaadha.
  - ✓ Haa ta’u malee, qunnamtii keessatti dhugummaan murteessaadha jennee *guutumaan guututti icciitii* dhuunfaa keenna saaxiluun tarsiimoo filatamaa miti. Miidhaa nurraan geessisuu danda’a.
  - ✓ If you practice bad communication habits, you’re more likely to grow less effective than to become more effective; consequently, it’s important to learn and follow the principles of effectiveness Although you may feel ethically obligated to be totally honest, this is generally not an effective strategy.
  - ✓ In fact, “complete” anything is probably a bad idea.
- ## 4. Adeemsa furmaata waldiddaa keessatti qaamni lamaanuu fayyadamaa ta’uu qaba.

- ✓ Furmaata waldiddaa namoota gidduuti uumamu keessatti tokko fayyadamaa kuun miidhamaa ta'uu hinqabu.
- ✓ Lamaanuu fayyadamoo ta'uu qabu.
- ✓ Interpersonal conflict does not have to involve a winner and a loser; both people can win.

## 5. Sodaa Qonnamtii.

- ✓ Namoonni tokko tokko yaada isaanii ibsachuu nisodaatu.
- ✓ Qonnamtii keessatti *sodaa gonkuma balleessuun ykn hambisuun kan hindanda'amne* ta'ullee, too'achuun murteessaadha.
- ✓ Sodaan yoo baayyate malee dursanii akka qophaa'aniifi haasawa garii sonaan akka dhiyeessaniif gargaaruu danda'a.
- ✓ Most speakers are nervous; managing, not eliminating, the fear will enable you to become effective regardless of your current level of fear.

## 6. Akki Itti Yaannu adeesa qonnamtii keennarratti gufuu ta'a.

- ✓ Consider how these beliefs about communication influence the way you communicate.
- ✓ So, reexamine your beliefs about communication and consider how new beliefs would influence the way you communicate.

### 1.6. Faayidaawwan Qonnamtii

- ✓ Bineensonni mallattoofi sagalee walfakkaataafi yeroodhaa yerootti fooyya'iinsa hin agarsiifnetti fayyadamanii kan walqunnaman.
- ✓ Dhalli namaa ammoo qaamolee dubbiitti qonnamtiif kennatoo ta'anitti fayyadamuuf dandeettiifi kennaa addaa qaba.
- ✓ Kanaafuu, qonnamtiin dhala namaa kan bineensotaa irraa baayyee fooyya'aafi walxaxaadha.
- ✓ Qonnamtiin dhala namaatiif akkuma nyaataa, manaafi birmadummaa barbaachisaadha.
- ✓ Qonnamtiin wantoota bu'uura jireenyaa ta'an keessaa isa tokko.
- ✓ Kanaafuu, qo'annoon qonnamtii eenyuufuu meeshaa barbaachisaadha.

- ✓ Jireenya dhala namaa keessatti, qunnamtiin ga'umsa qabu **rakkoo hiikuufi hariiroo hawaasummaa fooyyessuuf** gargaara.
  - ✓ Akka amantaa ogeeyyii qunnamtiitti, **dandeettiin qunnamtii yaraan rakkoowwan hedduu dhaqqabsiisa.**
  - ✓ **Dandeettiin qunnamtii ga'umsa** qabu ammoo, **rakkoowwan uumamaniif furmaata** kennuuf ykn rakkoon durumaa akka hin uumamne ittisuuf fayyada.
  - ✓ Qunnamtiin
    - Of wajjiin,
    - Nama biraa wajjiin,
    - Garee wajjiin
    - Hawaasa Wajjiin
    - Ummata bal'aa wajjiin raawwatama.
  - Kana galmaan ga'uuf ammoo dhaamsi unkaa jechaafi mitijechaatiin kan dhiyaatu yommuu ta'u faaydaawwan hedduu qaba.
  - Faayidaawwan qo'annoon qunnamtii hedduu keessaa muraasni Pearson (2011) ibsaman kanniin armaan gadiiti.
- 1. Haala of ilaalluun fooyeffachuuf (Improves the way you see yourself)**
- ✓ Qunnamtiin guddinna nama tokkootiif (**nama guutuu ta'uuf**) dandeettii murteessaadha.
  - ✓ Hubannoofi beekkumsi nuti ofiif qabnu hedduun **muuxannoo qunnamtii keenyarraa (nuti qabnurraa)** madda.
  - ✓ **Of wajjiinis (intrapersonal)** haa ta'uu, nama murteessaa ta'e kan biroo (**interpersonal**) wajjiin qunnamtii yommuu taasifnu waa'ee **keennarratti hubannoo arganna.**
  - ✓ **Haala adda addaa keessatti** bifa ga'umsa qabuun akkamitti qunnamtii akka gaggeessitu yoo hubatte, **ofitti amantummaan kee cimaa** ykn **jabaataa deema.**
  - ✓ **“In short, your success in interacting with other people in social situations and your achievements in professional settings will lead to more positive feelings about yourself.”**
- 2. Haala namoonni ittiin si ilaalan fooyeffachuuf (Improves the way others see you)**
- ✓ ‘Dhagaan of hin darbu; abbaan of hin argu.’ jedhama.
  - ✓ ‘Gurri abbaa duuba.’ jedhameetis ni mammaakama.
  - ✓ Mammaaksonni kunniin namni tokko hamman akka of beekuufi hammam akka of hinbeekne mul'isu.

- ✓ Akka hayyoonni qunnamtiifi hoggansaa tokko tokko ibsanitti, eenyummaan keenya walakkaa malee walakkaan gama biro amba bira jira.
- ✓ Kanaafuu, amala keenya hammi of too'annu, hamma ilaalcha namni nuuf qabu hindanqineefi yaadgabbisa eenyummaa keenya ijaaruuf gargaaru ambarraa argachuu haala hin ittifneen ta'uu qaba.
- ✓ Hariiroo namoota wajjiin qabnu qajeelaa taasisuufi kaayyoo keennallee haala salphaa ta'een milkaa'uu danda'uuf, ilaalchi nuti namootaaf qabanu qajeelaa ta'uu qaba.
- ✓ **“You will find that your interactions can be smoother and that you can achieve your goals more easily as you manage the impression you make on others.”**
- ✓ Namoonni nama dandeettii qunnamtii gaarii qabu wajjiin haasa'uu filatu.
- ✓ **Ilaalcha namoonni nuuf qaban qajeelaa taasisuuf dursa ilaalchi nuti namoota birootiif qabnu qajeelaa ta'uun murteessaadha.**
- ✓ Akka Pearson-fi kanniin biroo (2011:6) ibanitti, **“Generally, people like communicating with others who can communicate well.**
- ✓ **Most of us prefer competent communicators. As you become increasingly competent, you will find that others seek you out for conversations, for assistance, and for advice.”**
- ✓ Kun ammoo, namoonni hammam nama haala gaariin haasa'uu hindandeenne wajjiin dubbachuu akka hinfeene agarsiisaa.
- ✓ Kun ammoo ilaalcha namoonni nuuf qaban fooyyeffachuufi eenyummaa keenna dagaagfachuu irratti dhiibbaa qaba.
- ✓ **Sooqidda, ofiif jettu mi'aayi; diddu dhagaadha jettee darbatamta**

### **3. Beekumsa Hariiroo namoota Waliinii guddifachuuf (Increases Relationship Skills)**

- ✓ Dameen ogummaa qunnamtii, namoonni akkamitti walwajjiin hariiroo akka uumataniifi haala kenname tokko keessatti qunnamtii gosa akkamii akka adeemsisan barachuu hammata.
- ✓ Namoonni hedduun hariiroo dhala namaatiif, hawaasummaaf, maatummaaf, hiriyyummaaf, kabaja guddaa qabu.
- ✓ Hariiroo kana keessatti waa'ee walamantii (trust), walitti dhiyeenna (intimacy), deeggarsa gitummaa (reciprocity) baranna.
- ✓ Hariiroon dhala nama faayidaawwan gurguddoo ta'an hedduu qaba.

- ✓ Kaayyoo isaa **kophummaafii muukuu (depression) hir'isuu qofa miti**. **Jireenya cimdiifi hawaasummaa keessatti hariiroo cimaa uumuufi jireenya isaanii keessatti gama hundaan milkaa'uudha.**
- ✓ Kanaafuu, **namoota kopheeyyii of taasisan** (isolated) ta'an **caalaa namoonnii hariiroo hawaasummaa cimaa qaban** jireenya isaanii keessatti baay'ee **milkaa'oofi gammadoodha.**
- ✓ Akka waliigalaatti, yaadiddamni qunnamtii waliinii (**interpersonal communication**) **gulantaa (phase) lamaa qaba**. Isaanis, **Yaadiddama fedha qunnamtii waliiniifi yaadiddama waljijjiirraati.**

#### A. Yaadiddama Fedha Qunnamtii Waliinii (Interpersonal Need Theory)

William schutz namoonni walitti dhufeenya keessatti maal akka walirraa barbaadan bakka sadiitti qoodee ilaala. Isaanis, namoonni hariiroo cimaa qaban

- ✓ **dandeettiinwan kabajaafi simannaa-**affection**** (receiving and providing warmth and friendliness),
- ✓ **Miira tokkummaafi waliif yaaduu qabaachuun** miseensota garee keessatti hammatamuu-**inclusion** (experiencing feelings that we belong and providing others with messages that they belong),
- ✓ **Gammachuu walii qooddachuu-**pleasure**** (sharing happiness and fun), miliquuf-scape (providing diversion)fi jireenya ofii too'achuufi kaawwanirratti dhiibbaa geessuun too'annaa-control (managing our lives and influencing others) akka gonfataniif gargaara.
- **Kabajaafi jaalala (Affection):-**
  - ✓ fedha nuti kanneen biroo qabnuu dha. Akka Schutz jedhutti namoonni hammam kabaja kennufi fudhachuu fedhanitti gargar ta'u.
  - ✓ namoonni tokko tokko kabaja (jajuu) hin jaalatan. Tokko tokkof immoo kuni faalla dha.
- **Hammatamuu (Inclusion):-**
  - ✓ Kun immoo namoota barbaadu dha. Schutz akka jedhutti namoonni hammam akka **miiltummaa** namoota biroo barbaadaniifi ofii isaanis **miiltoo** namootaa ta'uu barbaadaniin garagara.
  - ✓ Namoonni tokko tokko miiltoo namaa ta'uus ta'ee namoonni miiltoo isaanii akka ta'aniif barbaadu.

- ✓ Kanneen biroo immoo miiltoo namaaf ta'uus namni akka miiltoo isaaniif ta'us hin fedhan.

➤ **Too'achuu (Control):-**

- ✓ too'achuun fedha namoota biroo hogganuu ykn caalmaan of jala oolchuudha.
- ✓ Akka Schutz jedhutti namoonni hammam akka namoota biroo of jala galchuu fedhaniifi kanneen biroo jala galuu fedhan irratti gargari.
- ✓ Namoonni tokko tokko kan murtii dabarsuu hin barbaanne yookiin fudhachuu hin feene 'Abdicates' jedhamu.
- ✓ Gama biroon namoota yaada kanneen biroo dhiisuun kan isaani qofti akka fudhatamu fedhantu jiru.
- ✓ Yoo kana hin taane kan of nyaatan ykn kanniin jeeqan 'Autocrats' jedhamu. Kanneen giddugaleessa kanaatti argaman immoo 'democrats' jedhamu.
- ✓ Isaan kun yeeroo tokko tokko yaadota isaaniif dursa kennu, yeroo biroo immoo murtii kanneen biroo dhaggeeffachuun irratti walii galu.
- ✓ Kan koo qofti haa ta'u hin jedhan. Yaada mataa isaanii kennurras duubatti hin jedhan.

**B. Yaadiddama Waljijjiirraa (Exchange Theory)**

- ✓ Akka Thibout fi Kelley jedhanitti walitti dhufeenyi namootaa hubatamuu kan danda'an; waljijjiirraa, badhaasa fi baasii namoota jidduu jiru irraa argamu ta'uu ibsu.
- ✓ Badhaasni (reward) bu'aa ergaa fudhattonni argatanii dha.
- ✓ Fakkeenyaaf, gammachuu, galata, kabaja, qarshii, fedhii isaanii guuttachuu fi kkf.
- ✓ Baasiin immoo kan ergaa fudhattonni baasuu yookiin kanfaluu hin barbaanne dha. Kunniinis: yeroo, humna, dhiphachuu fi kkf fida.
- ✓ Qunnamtiin namoota waliin goonu gaarii kan ta'u yoo waa'ee walii haalaan beekuufi waliif ibsuun danda'amee.
- ✓ Of ibsuu jechuun waa'ee seenaa ofii, yaadotaa dhuunfaafi fedhii ofii namoota biroof hiruu dha.
- ✓ Namoonni hammuma waa'ee walii beekan walitti dhiyaatu, wal jaalatu, qunnamtiis godhu.
- ✓ Of ibsuun eenyummaa ofii ijaaruuratti gahee olaanaa qaba.

- ✓ Ta’ullee garuu, odeeffannoo namoota biroon waliin yoo wal jijjiirre rakkoo hin qabneefi namoonni biroonis yoo nuuf qoodan xiinsammuu, jireenya dhuunfaafi hawaasummaarratti rakkoo ykn miidhaa kan hindhaqqabsiifne osoo ta’ee gaarii dha.
- ✓ Hariiroon dhala namaa walxaxaadha.
- ✓ Hariiroon keennaa akkuma faayidaa qabu miidhaa illee dhaqqabsiisuu danda’a.
- ✓ Adeemsa qunnamtii keessatti, namoonni akkuma odeeffannoo dhuunfaa isaanii waljijjiiruun wal amantaafi hariiroofi hiriyummaa (raport) uummatan, gareen alattis ragaa icciitii qaama birootiif qooduun miidhaaf walsaaxiluufi walqaanessuu malu.
- ✓ Waldiddaa uumamellee deebisee qabbaneef ni tajaajila.
- ✓ Kanaafuu, hariiroon gaariin walgargaarsa hawaasummaa kan cimsu yommuu ta’u, kuuwwan ammoo, walsobuu, waldogondorsuu, walgowwoomsuu, walbasaasuu ta’uu waan danda’uu of eeggannoon taasisuun barbaachisaadha.
- ✓ Qunnamtiin adeemsa himbaabsawaa (neutral) miti.

- ✓ Akka waliigalaatti faayidaa hariiroo ilaalchisee Devito (2012:6) akka armaan gadiitti ibsa.

Relationship skills enable you to build friendships, enter into love relationships, work with colleagues, and interact with family members. These are the interpersonal and relationship skills for initiating, maintaining, repairing, and sometimes dissolving relationships of all kinds. And unless you’re going to be living totally alone, these are skills you’ll use every day, in every encounter. These are the skills that businesses of all kinds have on their lists of most important competencies for organizational success; they are an essential part of business competence.

- ✓ Hariiroon dhala namaa walxaxaa akka ta’eefi qunnamtii keessatti walitti bu’iinsi uumamuu akka ta’e olitti ibsamee jira.
- ✓ Namoonni walitti bu’iinsa qabata adda addaatiin hariiroo keessatti uumamu tooftaawwan akka addaatiin kan keessummeessan yommuu ta’u, tooftaawwan muraasni;
  - Waldhabdee dhiisuu- Keessaa of baasuu (withdraw),
  - harka kennuu yookiin erga jettee haa ta’u jechuu,
  - Dheekkamsuu (aggression),



- Amansiisuu (persuasion),
- Marii (discussion) fi kkf.

#### 4. Ogummaawwan jireenyaa Barsiisa (Teaches important life skills)

- ✓ Qorannoon qunnamtii ogummaawwan qaqqaalii jireenyaa namni kamiyyuu jireenya guyyuu keessatti raawwatuufi itti fayyadamu barachuu barbaada. Isaanis,
  - Dandeettii gadifageenyaan yaaduu (critical thinking),
  - Dandeettii rakkoo furuu (problem solving),
  - Dandeettii murtii kennuu (decision making), w
  - Dandeettii waldhabdee furuu (conflict resolution),
  - garee tokkummaa qabu uumuu (team building),
  - Dandeettii Miidiyaatti fayyadamuu-media literacy (able to use media, whether social or mass media)fi
  - Dandeettii haasaa waltajjii ykn addababayii (public speaking)fi kanniin kana fakkaatan hammata.
- ✓ Gadifageenyaan yaaduun waan haara nama qunnamus ta'ee deddeebi'ee nama qunnamuuf furmaata amansiisaafi abdachiisaa kennuuf gargaara.
- ✓ Gadifageenyaan yaaduun dandeettii afaanitti gargaaramuun dhugaa aduunyaa calaqqisiisuu akka fooyyeffannuuf nu gargaara.
- ✓ Critical and creative thinking skills, help you approach new situations mindfully—with full conscious awareness, increase your ability to distinguish between a sound and valid argument and one that is filled with logical fallacies, and improve your ability to use language to reflect reality more accurately.
- ✓ Dhaabbilee barnootaafi mudannoowwan jireenyaa gama adda addaa keessattis yaada ofii barreeffamanis ta'ee dubbiin haala ga'umsa qabuun akka ibsataniifi damee hojii irratti bobba'aniitiin akka milkaa'aniif gargaara.
- ✓ Dandeettii miidiyaa qabaachuun, miidiyaa hawaasaafi ummata bal'aa (social and mass) wajjiin haalaan qunnamuuf gargaara.
- ✓ Dandeettiwwan kunniin miidiyaan akkamitti akka hojjatu, miidiyaan wajjiin hariiroo cimaa qabaachuun akkamitti akka danda'amuufi miidiyaa cimaa akkamitti uumuun akka danda'amurratti hubannoo akka qabaataniif gargaara.

- ✓ Dhaabbilee barnootaafi hojii waajjiraa keessatti, gaaffiif deebii kennuun, gabaasa dhiyeessuun, marii gaggeessuufi qorannoo dhiyeessuun gochawwan bal'inaan mul'atan.
- ✓ Kun ammoo ga'umsaan raawwatamuu qaba.
- ✓ Kanaafuu, waan haasawaanis ta'ee barreeffamaan dhiyaatuuf dandeettiin gadifageenyaan yaaduufi kalaqaa horachuun barbaachisaadha.
- ✓ Dandeettiin kunniin milkaa'ina jireenya guyyuu keeaatti nama hundaafuu faayidaa olaanaa qabu.
- ✓ **Dandeettiin of ibsuufi waa ibsuu nama tokkoo jireenya isaa keessatti gama qajeelaanis yaa ta'uu gama yaraan dhiibbaa akkamii akka qabu** Devito (2012:6) akka armaan gadiitti dhiyeessa.

**Presentation skills enable you to present yourself as a confident, likable, approachable, and credible person. Your effectiveness in just about any endeavor depends heavily on your self-presentation—your ability to present yourself in a positive light, through your verbal and nonverbal messages. Incidentally, it is also largely through your skills of self-presentation (or lack of them) that you display negative qualities as well.**

## **5. Mirga dubbachuu Heeraan Mirkanaa'etti Fayyadamuuf**

### **(To Exercices constitutionally guaranted freedom of speech)**

- ✓ Biyya sirna bulchiinsa aadaa dimokiraatawaa akka Sirna Gadaa qabdu keessatti lammiilee biyyatti mirga yaada ofii ibsachuu itti dhalatu.
- ✓ Biyya mootummaa siyaasa dimokiraatawaa hordofuun bultu keessatti ammoo, mirgi yaada ofii walabaan ibsachuu lammiiwwan biyyattii heera mootumaatiin labsamee mirkanaawa.
- ✓ Sirna mootummaa dimokiraatawaa keessatti ilaalcha fedhan qabaachuufi yaada ofii walaba ta'anii ibsachuun hanga qaama biroorratti dhiibbaa hingeessinitti mirga hinsarbamne.
- ✓ **“Few nations have a bill of rights that invites people to convey their opinions and ideas, yet freedom of speech is essential to a democratic form of government.**

✓ Being a practicing citizen in a democratic society means knowing about current issues and being able to speak about them in conversations, in speeches, and through the mass media; it also involves being able to critically examine messages from others.”

- ✓ Yaada kanarraa akkuma hubatamutti, hawaasa dimokiraatawaa keessatti,
  - yaada ofii walaba ta’anii nama biroo wajjiin mari’achuu,
  - waan biyyattii keessatti raawwatamaa jiru duuka bu’uun,
  - meeshaalee qunnamtii sabaatti fayyadamuufi hordofuun dheebuu fedhii dhuunfaa bahuuf qofa osoo hintaane,
  - mirga heera mootummaatiin lammiiwwan biyyattiif kenname mirkaneessuufi hojiirra oolchuudha.

## 6. Hojii Ogummaarratti Bobba’uufi Ittiin Milkaa’uuf (To succeed professionally)

- ✓ Dandeettiin qunnamtii hojii ogummaa tokkorratti mindeeffamuuf qofa osoo hintaane raawwii hojichaarrattillee milkaa’uuf gahee olaanaa qaba.
- ✓ Ogummaa qunnamtii gonfachuun dandeettii yaada ibsachuu, marii gaggeessuu, of ibsuufi yaana namoota kaawwaniillee fudhachuuf gargaara.
- ✓ Kana malees, dandeettiin afgaaffiirratti yaada keenna ibsachuu murtii qaxarii keennaa irratti dhiibbaa qaba.
- ✓ Ulaagaa qaxarii hojii keessatti, dandeettiin dubbachuu, dhaggeeffachuu, namootaan waliigaluufi gareen hojjachuu danda’uu (interpersonal skills & teamwork) fi gadi fageenyaan xiinxaluu isaan bu’uuraa battalatti sakatta’aman.
- ✓ Kanaafuu, “Employers view your written and oral communication competencies and your ability to listen and analyze messages as essential job skills.” Y
- ✓ Yaada kanarraa akkuma hubatamutti, waajjiroonni hojjattoota qaxaran (mindeessitoonni/qaxartoonni) ga’umsa mindeeffamtoonni barreessuufi qunnamtii dubbii akkasumas dandeettii caqasuufi dandeettii dhaamsa xiinxaluu barbaadu.
- ✓ Haa ta’u malee, dandeettiin qunnamtii jalqaba qaxarii hojii qofarratti kan barbaachisu osoo hintaane erga mindeeffamanii boodas hojii sana sonaan adeemsiisuufi hojicha keessatti guddachuuf murteessaadha.
- ✓ Akka waliigalaatti, gahee qunnamtiin hojii irratti bobba’uufi hojii keessatti ittiin miilkaa’uurratti qabu Pearson-fi kanniin biroo (2011:8) haala armaan gadiitiin ibsan.

Communication skills are among the top priorities for entrepreneurs. Communication skills have become even more critical to employers over time. What communication skills are employers seeking? Clearly, listening skills are one of the most important components of communication. Speaking clearly, succinctly, and persuasively is crucial to many jobs including sales jobs, and an ability to work in teams or groups is vital. Employers are also seeking interpersonal skills. Public speaking skills are important in most professions because of the requirement that employees give talks and presentations. Finally, employers seek employees with strong written communication skills.

- ✓ Gabaabamatti, ibsa kanarraa wanti hubannu, qunnamtiin dandeettii murteessaa abbootiin jarmayaa daldalaa/hojii (entrepreneurs) qabaniifi mindeessitoonni dursa kennaniifi.
- ✓ Qaamonni akkanaa (Mindeessitoonni) hojjattoota yommuu mindeessan,
  - dandeettii sonaan nama dhaggeeffachuu,
  - haala ifaafi gabaabaa ta'een dubbachuun yaaba ibsachuu,
  - dandeettii nama amansiisuu,
  - dandeettii gareen/gamtaan hojjachuu,
  - dandettii hawaasummaa,
  - dandeettii haasawaa ummataa dhiyeessuufi dandeettii cimaa ogummaa barreessuu qabaachuu mindeeffamtoota akka mirkaneeffatan ta'uu isaati.


## 7. Addunyaa Hubachuuf (To Navigate an Increasingly Diverse World)

- ✓ Addunyaan keessa jiraannu tun gama afaaniitiin, aadaatiin, amantaatiin, ilaalchaatiin, siyaasaatiin, hawaasaafi gulantaa hawaasummaatiin, akkasumas gama sadarkaa barnootaatiin haadha handaaraa (dimentions) danuuti.
- ✓ Addunyaa aad-heddeefi af-heddee kana keessatti garaagamummaa bal'aa kana dhiphisuun qunnamtii milkaawaa gaggeessuun kan danda'amu, garaagarummaa jiru kana haaluufi qolleffachuun osoo hintaane dursa garaagarumma gama adda addaatiin mul'atu kana kabajuudhaani.
- ✓ Kanaafuu, haala addunyaa har'aa hubachuun kandanda'amu yaadrimee hariiroo qunnamtiifi aadaa hubachuufi dandeettii qunnamtii keenya sadarkaa olaanaatti dagaagsuuni.

“Learning how to communicate in today’s world requires an understanding of communication and culture and how those two concepts are related. As you develop an understanding of basic

communication concepts and learn how to apply those concepts in everyday interactions, you will be better equipped to bridge language and cultural barriers.”

- ✓ Akka Muhammadali ibsutti, (N.d) faayidaawwan qunnamtii kanniin armaan gadiiti.




## 8. Eenyummaa Ofii Beekuuf;-FODDAAWWAN EENYUMMAA JOHARI

- ✓ Yeroo qunnamtii namoota wajjiin taasisnu dhimmoota namoonni waa’ee keenyaa nutti himanirraa waa’ee keenya hedduu hubanna.
- ✓ Nama qunnamtii waliin taasisnus ta’ee namoota biroottiin walbira of qabnee of ilaalla.
- ✓ Kuni:-
  - rakkoo qabnu hiikuuf,
  - Odeeffannoo argachuuf,
  - galma barbaannerra ga’uuf,
  - gammachuu argachuuf,
  - namoota biroo amansiisuufi kkf nu gargaara.
- ✓ Qunnamtii milkaawaa adeemsiisuuf eenyummaan keenya dagaagsuuf baay’ee murteessaafi isa bu’uuraati.
- ✓ Eenyummaan yeroodhaa yerootti faayya’aa deemu danda’a.

✓ Eenyummaan matayyaa Foddaawwan- **JOHARI WINDOW**

- ❖ ogeeyyii lamaan hoggamsaa (**Joseph Luft** and **Hurry Ingham 1950s**) ibsame
- ❖ Foddaawwan JOHARI meeshaa milkaa'ina qunnamtiiti.



**I. Eenyummaa Banaa (Open Self):-**

- ✓ Akkaakuu eenyummaa nama tokkoo ta'ee eenyummaan abbichis ofitti beeknuufi eenyummaa namni birootis ifatti isa beeku.
- ✓ Eenyummaan kun eenyummaa eenyuufuu ifa galeessa ta'e.
- ✓ Eenyummaa kana dagaagsuuf
  - eenyummaa gama kaawwaniin qabnurratti namootarraa yaadgabbisa argachuufi kennuun
  - akkasumas **mari'achuufi** of ibsuun murteessaadha.

**II. Eenyummaa Qaroo/Ofiiflagoo (Blind Self):-**

- ✓ **Oromoon dhagaan of hindarbu; abbaan of hin argu jedhu.**
- Eenyummaan kun eenyummaa abbaan of hinagarreefi amba jalaa garuu dhokachuu hindandeenne. Eenyummaan kun abbicha jalaa dhokataadha.
- ✓ Jechamni **'qaroo dhabuu'** arguu dhabuu kan jedhu ta'ee moggaasa kanaaf gama of arguu dhabuutti fudhatama.
- ✓ Eenyummaan oflagoon akkaakuu eenyummaa nama tokkoo ta'ee eenyummaa namni biraa waa'ee nama tokkoo ifatti kan beeku yommuu ta'u, abbichi garuu ifaan ifatti ofiiti hinbeeku.
- ✓ **Eenyummaa abbaan ofitti hin agarreefi amba jalaa garuu hindhokanne.**

✓ Eenyummaa kana yaadgabbisa fudhachuufi kennuun hir'isuun murteessaadha.

### III. Eenyummaa Dhokataa (Hidden Self):-

- ✓ Akkaakuu eenyummaa nama tokkoo ta'ee eenyummaa abbichis ofitti hinbeekneefi namni biroos abbichatti hinbeekne.
- ✓ Eenyummaa kun hunda keenya jalaa dhokataa ta'e.
- ✓ Eenyummaa icciitii dhuunfaa waan ta'eef ofibsuun hir'isuun murteessaadha.
- ✓ Eenyummaan dhokataan eenyummaa gollollisaadha.
- ✓ Golollisa keessa nama tokko halaalaa ilaalanii eenyuun akka ta'e addaan baasuun ykn beekuun rakkisadha.
- ✓ Eenyummaa kana ofibsuun hir'isuun murteessaadha.

### IV. Eenyummaa Mitibeekamaa (Unknown Self):-

- ✓ Eenyummaan mitibeekkamaan akkaakuu eenyummaa nama tokko ofiitti hinbeekneefi kan namni birootis abbichatti hinbeekne.
- ✓ Akka waliigalaatti, eenyummaan keenna ilaalcha addunyaaf qabnu, ilaalcha namni nuuf qabuufi yaadgabbisa argannuufi itti fayyadamnurratti hundaa'uun fooyya'uu danda'a.
- ✓ Kanaafuu, bal'inni foddaawwan JOHARI hubannu nuti ofiifi nama biraatiif akkasumas addunyaaf qabnurrattu hundaa'ee bal'achuu ykn dhiphachuu danda'a.

#### 1.7. Qajeelfamoota Qunnamtii (Principles of Communication)

- ✓ Hiikaawwan qunnamtiif kennaman haala qunnamtii guututti addeessuuf gahoo miti.
- ✓ Qunnamtii gadifageenyaan addeessuuf qajeelfamootaa armaan gadii hubannoo qunnamtii cimsuuf gargaaran dabalataan qalbeeffachuun murteessaadha.

#### A. Qunnamtiin Ofirraa Jalqaba

- ✓ Akkaataan namni tokko itti of ilaalu qunnamtii isaarratti dhiibbaa (qajeelaa +, yaraa -) uumuu danda'a.
- ✓ Dhiibbaa ilaalchi ofiif qabnu qunnamtii keenyarratti uumuu danda'u ilaalchisee akka Judy C.
- ✓ Pearson-fi kanneenn biroo (2011) Carl Rogers (1951) wabeeffachuun akka ibsanitti.

Every individual exists in a continually changing world of experience of which he [or she] is the center. For instance, when people are treated as though they are inferior, or intelligent, or gifted, or unattractive, they will often begin acting

accordingly. Many communication scholars and social scientists believe that people are products of how others treat them and of the messages others send them.

- ✓ Yaada kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti, namni kamiyyuu addunyaa muuxannoon yeroo yerootti jijjiiramu keessa jiraata.
- ✓ Fakkeenyaaf, namni tokko akka **gadaanaatti (inferior)**, yookaan akka beekaatti **(intelligent)**, yookaan **akka nama kennaa addaa qabanitti (gifted)** ykn **akka nama hawataatti (attractive)** yoo ibsame, ykn ilaalaman ykn fudhataman (treated) innis haaluma kanaan of ibsuu (of mul'isuu) eegala.
- ✓ Akka hayyuleen hedduun ibsanitti, namoonni bu'aa haala namoonni biroo ittiin isaan ibsaniifi bu'aa yaadgabbisa namoonni biroo isaanif kennaniiti.
- ✓ **"Peoples are products of how other treats them and of the messages others send them."**
- ✓ Akka waliigalaatti, akkaataan qunnamtii keennaa **bu'aa akkaataa nuti itti of ilaalluu, namnoonni biroollee itti nu ibsaniifi** itti fayyadama yaadgabbisa nuuf kennameeti.
- ✓ Akka nama tokkootti, hubannoon nuti addunyaaf qabnu muuxannoo nuti isheef qabnuutiin murtaa'a. Kana malees, qunnamtiin bal'aan qooddanna qunnamtii barbaada. Yaada kana Judy C.
- ✓ Pearson-fi kanneenn biroo (2011) namni Shotter (2000:119) jedhamu wabeeffachuun akka armaan gadiitti ibsa.

We cannot understand communication through external, abstract, and systematic processes. Instead, he describes communication as a "ceaseless flow of speech-entwined, dialogically structured, social activity. In other words, communication is participatory; we are actively involved and relationally responsive in our use of communication.

- ✓ Waraabbii kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti, qunnamtii adeemsa killayyaawaafi tooftawaa ta'e qofaan kan hubatamu osoo hintaane, gocha hawaasaa dubbii walitti fufaafi walgeeyya caaseffamaadha.
- ✓ Kana malees qunnamtiin hirmaannaa si'ataa barbaada.
- ✓ **Qunnamtiin matayyaarraa** ykn ofirraa kan jalqabu ta'uuyyuu namoota birootis hirmaachuu qabu.
- ✓ Fakkeenyaaf, daa'imni tokko karaa mallattoowwan dubbii miti dubbiiitiin (through verbal and nonverbal symbols) gaheewwan (roles) adda addaa kanniin namoonni biroo isarraa barbaadan barata.



- ✓ Eenyummaan nama tokkoo kan murteessu ilaalchi namni tokko nama akkamii ta'uu akka barbaadurratti ofiif qabuufi qooddii ykn ramaddii namni biroo isaaf kennu (qajeelaa +, yaraa -, himbaabsawaa-neutral) hundaa'a.
- ✓ You establish self-image, from the sort of person you believe you are, by the ways others categorize you.
- ✓ Positive, negative, and neutral messages that you receive from others all play a role in determining who you are.”
- ✓ Kanaafuu, qunnamtii keessatti hirmaannaan nama biroo kan barbaachisu yaada hirmaachuu qofaaf osoo hinta'in ijaarsa eenyummaa matayyaarrattillee qooda olaanaa waan qabuufi.
- ✓ Qunnamtiin tarii akka gaariitti kan hubatamuu danda'u yoo akkaataa adeemsa waliindubbiitiin (dialogic process) gaggeeffame.

## B. Qunnamtiin Namoota Birootis nidabalata



*Waliin dubbannaan walhubannaa uuma.*

- ✓ Qunnamtiin adeemsa of keessaa ykn ofirraa akka eegaluufi namoota biroollee dabalatee bifa walgeeysaatiin (dialogue) akka gaggeeffamu Judy C. Pearson-fi kanneenn biroo (2011:16) akka armaan gadiitti dhiyeessa.

In a more obvious way, communication involves others in the sense that a competent communicator considers the other person's needs and expectations when selecting messages to share. The competent communicator understands that a large number of messages can be shared at any time, but sensitivity and responsiveness to the other communicators are essential. In short, communication begins with the self, as defined largely by others, and involves others, as defined largely by the self.

- ✓ Akka waliigalaatti qunnamtiin ademsa of keessatti uumamuu jalqabuufi namoota biroollee kan dabalatu jechuudha.

### C. Qunnamtiin Handaara Qabiyyeefi Hariiroo Qaba

#### (Communication Has Content and Relational Dimension)

- ✓ Dhaamsi hundinuu handaara qabiyyeefi hariiroo qaba.
- ✓ Dhaamsi ergaafi hariiroo hirmaattota qunnamtii gidduu jiru agarsiisa.
- ✓ Kana malees, dhaamsaa qabiyyee miira ykn ajaja akka darbuuf barbaaddame kan agarsiisu yommuu ta'u, dhaamsi hariiroowwaan (relational message) ammoo akkaataa dhaamsi sun itti hubatamu ykn hiikkamu agarsiisa.
- ✓ Fakkeenyaaf namni tokko bifa armaan gadiitiin ajaja yoo dabarse hunda keessattuu wiirtuun dhaamsa barbaaddame tokkuma yommuu ta'u, akkaan ergaan sun itti hubatamuufi digriin hiikkaa isaa tokkoo miti. Fkn:-

A) "Taa'i"      B) "Taa'!"      C) "Gadi taa'!"      D) "Mee taa'i"

- ✓ Dhaamsi gaaleewwan kunniin hundaaatuu akka qabiyyeetti qaban tokkuma. Akka teettuuf jecha si gaafachuudha.
- ✓ Akka hariirootti yoo ilaalle ammoo A'n miira himbaabsawaadha.
- ✓ Bfi C'n ajaja dirqisiifamaa kan kan calaqqisiisan yommuu ta'an D'n ammoo akka taa'uuf jecha haala kadhannaatiin gaafatamuu agarsiisa.

✓ Dhaamsi handaara qabiyyee salphaafi qajeelaadha.

✓ Dhaamsi handaara hariiroo ammoo walxaxaafi shakkamaadha.

- ✓ Kanaafuu, qunnamtiin

❖ dhaamsa **handaara qabiyyeefi**

- ❖ dhaamsa **handaara hariiroo** niqabaata.

#### D. Qunnamtii Walxaxaadha. (Communication is Complex)

- ✓ Qunnamtiin adeemsuma akka salphaatti odeeffannoo madda tokkorraa gara biraa geessuutti geessuutii miti.
- ✓ Qunnamtiin adeemsa salphaa odeeffannoo walii dabarsuu bira darba.
- ✓ Qunnamtiin haala ibsame kanaan kan raawwatamu osoo ta'ee, yommuu **odeeffannoo marsariitirraa corrus raawwatamaa** jira jechuudha.
- ✓ Marsariitirraa odeeffannoo qabiyyee baay'ee walxaxaa ta'e ykn **afaan isaa hinbeekne waraabuun qofti qunnamtii milkaawaa gaggeessuu** jechuu miti.
- ✓ Qunnamtiin dhaamsa gama hedduun filachuufi gama hedduu waa'ee odeeffannoo ykn **ergaa sanaa xiinxaluu danda'uu** nama gaafata.
- ✓ Kunis, gama karaawwan tamsaasa
  - dhaamsaa jechaan,
  - mitichaafi ilaalchaan,
  - amala dhaamsa dabarsaa,
  - hariiroo dhaamsa dabarsaafi dhaamsa simataa jamaa gidduu jiruufi
  - haala qunnamtiin ittiin dhiyaate ykn uumame fa'arratti mirkanaa'a.
- ✓ Jijjiiramni gama jijjiiramoota guutuu adeemsa qunnamtii irratti dhiibbaa qaba.
- ✓ **Communication is far more than simple information transmission. Communication involves choices about the multiple aspects of the message, the verbal, none verbal and behavioral aspects, the choices surrounding the transmission channels used, the characteristic of the speakers, the relationship between the speaker and the audience, the characteristics of the audience, and the situation in which the communication occurs. A change in any one of these variables affects the entire communication process.**
- ✓ Yaanni kun akka waliigalaatti, qunnamtiin adeemsa walxaxaa qabattoota (factors) hedduun walqabatuufi walirratti rarra'u ta'uusaa agarsiisa.

#### E. Hammi Dubbii Qulqullina Qunnamtii Hinmirkanessu

- ✓ **Qunnamtiin Qulqullina Qabaachuu Qaba.**
- ✓ **Baayyinni qabiyyee qunnamtii qulqullina ykn ga'umsa qunnamtii hinmirkanessu.**
- ✓ **“An increase quantity of communication does not increase the quality of communication.”**

- ✓ Hammi qabiyyee qunnamtii bal'achuun qofti

- walta'umsa (harmony)
- sirrummaa (accurate)fi
- yaada waliin qoddachuu (shared idea)
- hiikaatiif (meaning) wabii ta'uu hindanda'u

However, greater amounts of communication do not necessarily lead to more harmony or more accurate and shared meanings. Sometimes people disagree, and the more they talk, the more they learn that they are in conflict. Other times people have very poor listening or empathy skills and misunderstand vast quantities of information. Communication, defined simply as verbiage, does not necessarily lead to positive outcomes.

- ✓ Salphamatti, waraabbiin kun, tuulamni odeeffannoo baay'inni haasaa dhiyaatuu ga'umsa qunnamtii akka hinmirkaneessineefi kanaafi wabii akka hintaane ibsa.
- ✓ Akkuma “**oduun guddatteef hareetti hinfe'an**” jedhamu san dhaamsa ifaa, gabaabaafi aggataa (dhaamsa barbaadde dabarsuu kan danda'u) suduudaan (kallattiin) fayyadamuu filatamaadha.

#### F. Qunamtiin Waan Hinhafnee (Communication is Inivitable)

- ✓ Qunnamtiin walxaxaa. Kallaattii daangawaa hinqabu.
- ✓ Hedduuminni qabiyyee qunnamtii dirqamatti ga'umsa qunnamtii gaarii ta'uu kan mirkaneessuu miti.
- ✓ Namni qunnamtii waliin hingeggeesinu jedhu **fedhii qabaatus dhabus; dhaggeeffatus dhiisus qunnamtiin adeemsi** isaa kan hindhaabbane.
- ✓ Daqiiqaa daqiiqatti waan ilaallurra, dhageenyurra, fuunfannurraa fi kkf irra qunnamtiin adeemsifamurraa duubatti hin deebi'u.
- ✓ **Ofiin qunnaamaa (yaaduu, karoorsuu, addunyaa naannoo keetiif deebii kennuu, ...)** yoo baattellee; **namoota naannoo kee jiran daawwachaafi waa irraa hubachaa** jiraachuun kee qunnamtiidha.
- ✓ Osoma namoonni kuuwwan yaadgabbisa sirraa barbaaduu baataniyyuu daawwannaa keetirraa kaatee goolaba tokkorra gahuun kee hinhafu.

- ✓ Fakkeenaaf namoota lamaa wajjiin haasawan keessaa inni tokko irra deddeebi'ee osoo amuummatee dadhabuu ykn beela'uu ykn ifachuu isaati hubatta.
- ✓ Atillee namnichi amuummatu sun namicha kaan qalbiin dhaggeeffataa akka hinjirre murteessita jechuudha.
- ✓ Kun ammoo haala uumamu tokkorra dhaabbanee qunnamtiin kan raawwatamuufi kan hinhafnes ta'uusaa mirkaneessa.

#### **G. Qunnamtiin Waan duubatti hindeebi'amne (Communication is Irreverseble)**

- ✓ Qunnamtiin afaan dubiifi mallattoowwan mitijechaatiin rawwatame tokko gaariis ta'ee yaraa erga altokko raawwatamee dubatti deebisuun, fooyyessuun yookaan haquun hindanda'amu.
- ✓ Fkn. Namni tokko itti yaadees haa ta'uu dogoggoraan afaanii baatee nama biraa arrabsuu yookiin jecha qaani eenyummaa yookaan qamaa nama biraa xureessu dubbachuu mufachiisuu danda'a.
- ✓ Namni jecha akkasii dubbate namichi kuun dhagahuu isaa yoo mirkaneeffate, wanti jechuu barbaade kanaa mitii kana jedhee kan ta'uufi kan hintaanellee xibaaruun mormuufi waakkachuuf yaalii godha.
- ✓ Yookaan ammoo gocha isaatti qaana'ee dhiifama kadhata.
- ✓ Kun hundi kan ta'uuf qunnamtiin taatee duubatti hindeebine waan ta'eef gocha kana duubatti deebisuun hindanda'amu.
- ✓ Kanaafuu, t namni dogongoraan nama arrabse sun gocha akkasiitti akka hindeebineef of eeggachaa dubbachuu qaba. "We cannot go back in time and irase our messages to others"


#### **H. Qunnamtiin Waan Irrandeebi'amne (Communication is Unrepeatable)**

- ✓ Dhaamsa haasawaafi mitijechaan dhiyaate tokko yeroo itti aanus ISUMA ykn haaluma walfakkaatuun raawwadha jechuun hindanda'amu.
  - Sababnis,
    - Haalaafi yeroon qunnamtiin tokko keessatti raawwate qunnamtii irra deebi'amuun yaalamuun tokkoo miti.
    - Ergaa dabarsaas ta'ee ergaa simataan iddoo inni jiru, haalli keesa jiru, yaanni isaa, jireenyiifi kkf tokko ta'uu hindanda'u.

- Kana malees, akkuma muuxannoo jireenya keenya keessatti dabarsine tokko irra deebi'uun hindanda'amne, qunnamtii altokko taasifame yeroo biroo haaluma isa duraatiin irra deebi'uun hindanda'amu
- ✓ Fakkenyaaf barsiisaan tokko mata duree tokko yeroo adda addaatti osoo barsiisee qabiyyeen tokko ta'ullee haalli barnooticha ittiin dabarsu kan yeroo lamaanii tokko ta'uu hindanda'u.
- ✓ Yaada mirkaneeffachuuf qabiyyee tokkorratti hiriyyaa kee wajjiin haasawaatiin waraabi.
- ✓ Itti aansuunis, torbeewwan muraasaan booda waraabbii duraa sana dhaggeeffattee gomatti osoo hinqabati qabiyyema sanarra hiriyyama kee isa duraa wajjiin haasawa taasisaatiin ammallee waraabi.
- ✓ Sana booda tokkummaafi garaagarummaa haasawa yeroo lamaan keessa waraabdee walbira qabii ilaali.
- ✓ Qabiyyee haasaa irratti taasifte silaa tokkuma ta'ullee, haasofni waraabbame ammoo gonkumaa tokko ta'uu hindanda'u.
- ✓ Kun qunnamtiin akka irra deebi'amu hindandeenne mirkaneessa.

### 1.8. Caaccuuwwan Adeemsa Qunnamtii

- ✓ Qunnamtiin kamuu caaccuuwwan adeemsa qunnamtii (Elements of Communication Process) armaan gadiirratti hundaa'uun gaggeeffama.
- ✓ Caaccuuwwan adeemsa qunnamtii kanniin jedhaman gurguddoon
  - Hirmaattota (dhaamsa dabarsaafi dhaamsa simataa),
  - Dhaamsa,
  - Hiika,
  - Toora,
  - Jeequmsa,
  - Yaadgabbisaafi
  - Haalgalumsaafi
  - Dhiibbaadha.



Caaccuuwwan Adeemsa Qunnamtii.

Madda:- DeVito (2015)

### 1.8.1. Hirmaattota (Participants)

- ✓ Hirmaattota qunnamtii kanneen bu'uura ta'aniifi hafuu hindandeenne
  - dhamsa dabarsaafi (Sender)
  - dhamsa simataadha. (Receiver)
- ✓ Qunnamtii keessatti hirmaattonni gahee mataa isaanii kan raawwatan qabu.
  - ergaa maddisiisuufi
  - ergaa simachuudha.
  - Ergaa qooddachuu
- ✓ Gaheen hirmaattotaa akkaatuma adeemsa qunnamtichaatiin jijjiiramuu danda'a.
  - dubbataa kan ture dhaggeeffataa;
  - dhaggeeffataa kan ture ammoo dabareesaa dubbataa ta'a.

#### I. Dhaamsa Dabarsaa (Sender/Source)

- ✓ Dhaamsa dabarsaan nama yaada **ka'umsaa** burqisiisu ykn maddisiisu jechuudha.
- ✓ Akka madda qunnamtiitti ilaallama. Dabareen bakka waljijjiiru.
- ✓ Dhaamsa dabarsaan nama dhuunfaa, garee ykn dhaabbata ta'ee qaama ergaa maddisiisee qindeessee ergaa simataaf dabarsu.
- ✓ **Dhaamsa dabarsaan yaada isaa tooftaawwaniifi toorawwan adda addaatiin:**
  - **mallattoofi**
  - **jecha sagalee malee ijaan mul'atu,**
  - **sagalee afaan dubbiitiin;**
  - **sochiifi**
  - **tuttuqqii harkaafi**
  - **sochii qaamaatiin (ija, nyaara, hidhii, fuula, arraba);**
  - **shittoo, qayya, hiinnaa; erga dabarsuu danda'a.**
  - **Keessattuu ammoo qunnamtiin jechaan (verbal communication) dhaamsa dabarsaan ergaasaa dabarsuuf afaan dubbiifi mallattoo mitijechaatti fayyadamuu danda'a.**
  - **Mallattoowwan mitijechaa dhaamsa afaan dubbiitiin darbu ifa taasisuufi cimsuuf gargaara.**
  - **Mallattoowwan mitijechaa, haalgalumsi qunnamtiifi eenyummaan hirmaattotaa akkaataa kenniinsa hiikkaa dhaamsa tamsa'eerratti dhiibbaa mataasaanii qabu.**

## II. Dhaamsa Simataa (Receiver)

- ✓ Dhaamsa simataan nama, namoota, gareewwan ergaan itti qajeelfame ykn qaama ergaan dhaquufi jechuudha.
- ✓ Qaama dhaamsa, ergaa dabarsaarraa fuudhee hiika itti kennu.
- ✓ Qunnamtii milkaawaa taasisuuf dhaamsa fudhataan ijoo ergaa darbu sanaa sonaan hubachuutuu qaba.
- ✓ Dhaamsa simataan ergaa fuudhe kanaafis yaadgabbisa deebisuu qaba.
- ✓ Dhaamsa simataan yaada dhaamsa dabarsaarraa dhufeef hubachuuf **dhaggeeffataa axarii (active listener)** ta'uun afaan dubbiifis ta'ee mallattoo mitijechaatiif xiyyeeffannoo kennuun **yaadgabbisa sirrii** kennuu qaba.
- ✓ Ergaan darbe qixa sirriitiin yoo hinhubatamin yaadgabbisni kennamu toora barbaaddamurraa maqa.



- ✓ Yeroo hunda namni ergaa fudhatu ergaa waraabuu qofa osoo hintaane yeroon ergaa maddisiisullee qaba.
- ✓ Kanaafuu, adeemsi ergaa fudhatuufi ergaa dabarsuu walkeessa jira jechuudha.
- ✓ Gaheen qaama ergaa fudhatuu akkuma gahee qaama ergaa dabarsuuti.
- ✓ Akkuma qaama dhaamsa dabarsuu qaamni dhaamsa fudhatullee gaheewwan armaan gadii taphata:
  - a) Dhaamsa fudhachuu
  - b) Dhaamsa hubachuu
  - c) Karaa yaadgabbisaatiin deebii kennuu
- ✓ Dhaamsa fudhataan:
  - jamaa doo'ii daawwatu,
  - nama weelluu dhaggeeffatu,
  - barataa odibsa hordofu
  - kompiitara sarvarii halaala jirurraa ergaan 'email'-iin qaqqabu ta'uu danda'a.
- ✓ Dhaamsi hankaakuu/fashalaa'uu kan danda'u:
  - ergaan darbe sun osoo hinhubatamin yoo hafe
  - ykn gama dogongoraatiin yoo hubatame.

The intended target of the message is receiver. It is not silent. Rather it is interactive.

### 1.8.2. Dhaamsa (Message)

- ✓ Dhaamsa kan jedhamu yaada ykn dhimma ergaa dabarsaa biraa ka'ee ergaa simataa bira akka gahuuf barbaadame sana.
- ✓ Dhaamsi, mala jechaan (verbal) yookaan mitijechaan dubbataan yaada, fedhii, ilaalchaafi miira hiika qabeessa gara sammuu dhaggeeffataatti dabarsu.
- ✓ Dhaamsi dhimma dhaggeeffataafi dubbataa walitti fidu.
- ✓ Kanaafuu, dhaamsi hiika sammuu qaama dhaamsa dabarsu irraa gara sammuu qaama dhaamsa fudhatuutti tamsa'u jechuudha.
- ✓ Kun ammoo gama tooftaa jechaatiin ykn mitijechaatiin raawwatama.
- ✓ "Message is the verbal and the nonverbal forms of idea, thought, or feeling that one person wish to communicate to other person, or group of people."

- ✓ Dhaamsi dhimma ykn mata duree mariiti. Dhimmichi salphaa, hubatamaa, dheeraa, walxaxaafi kan hin hubatamne ta'uu danda'a.
- ✓ Dhaamsi yoo xiqqaate wantoota sadi: **mallattoo, hiika fi unkaa** of keessatti hammata.
- ✓ Dhaamsa **jechaa** kan jedhamu ergaa **barreeffamaan** ykn **dubbiin** tamsa'u.
- ✓ Kun ammoo
  - bifa kitaabaatiin,
  - bifa galaalchaatiin,
  - bifa odibsaatiin,
  - bifa barruuleetiin seeneffamaan, ... dhiyaatan hammata.
- ✓ Dhaamsi **mitijechaa** ammoo
  - ergaa karaa sochii,
  - gochaa,
  - miiraa,
  - amalaa,
  - uffannaa,
  - akkaataa haasawaafi
  - **olka'iinsaafi** gadi bu'iinsa sagaleetiin darbu hammata.
  - Dhaansa dabarsuufi hiika itti laachuu keessatti qabxiin bu'uuraa koodii dhaamsa ergaan fayyadamuufi dhaamsa fudhataan simatu gidduu waliigalteen jiraachuu qaba.
  - Qaamni dhaamsa simatu afaan ykn hiika ergaa dhaamsa dabarsaan tamsaase addaan baasee hin hubatu taanaan Qunnamtiin hinmilkoofne jechuudha.

### 1.8.3. Hiikkaa (Meaning)

- Yaadni akka ergaatti dubbataan ykn barreessaan maddisiisu dhaggeeffataan ykn dubbisaan hiikni walfakkaatu itti kennamuu qaba.
- Qunnamtiin adeemsa mallattoolee (symbols) gara garaa gargaaramuun hiika (meaning) gooddatan.
- Adeemsa qunnamtii keessatti ijoon tokko hiika kennuu (interpreting) dhaan hiika ergaa barbaaduudha.
- **Hiikni (Meaning) kun ammoo kan argamu sammuu namoota keessaatti malee, jecha yookaan mallattoolee keessaa miti.**

- “Gammachuu” jecha jedhuuf hiikni hiriyaan kee kennu tokko tahuu hindandahu.
- Jechootuma dhokattoo (abstract) hintaanellee otoo xiinxallee ilaallee hiikni namoonni kennan dhibbaa dhibbatti tokko tahuu hindandahu.
- ✓ Mallattoottooowwaniif ulaagaan hundagaleessa ta’e hinjiru.
- ✓ Hiika kan kennu namoota malee jechoota yookaan mallattoowwan miti.
- ✓ Kanaafi, “*Words do not mean; people do,*” kan jedhamuuf.
- ✓ Muuxannoon namaa, haalli qaamaa (physiological state) maatii, haalli aadaafi muuxannoon addaa haalatti addunyaa kana hubannuufi mallattoowwan gara garaaf hiika laannu irratti gahee guddaa qabu.
- ✓ Adeemsa quunnamtii keessatti maatiifi, manni barumsaa isa duraati.
- ✓ Muuxannoon mallattoowwaniif hiika kennuu haalatti maatiin hiika kennu irraa hubannoo argamu irratti bu’uura.

#### 1.8.4. Mallattoo (Symbols)

Koodii (Code) jechuun mallattoolee adda addaa kan jechaafi mitijechaa bifa qindoomina qabuun walitti qindaa’uun ergaan yookiin yaadni dabarfamu sun sammuu nama biraa keessatti hiika akka argatu taasisuu dha.

Yaanni Ykn fedhiin burqisiifamu jechootaan, sagalootaafi gochoota hiika bakka bu’aniin ibsamuu qaba. Innis mallattoodha. Kanaafuu, mallattooleen ergaa dabarsuuf oola jechuudha. Mallattooleen nama, bakka, wanta, mudannoo bakka bu’u. Jechoonni, yookaan waantonna afaaniin ibsaman, mallattoolee sirriitti hubatamanidha. Garuu, mallattooleen gochaan agarsiifaman amaloota mitijechaa (non verbal behaviors):

- ergaa fuulaa,
- miirsagalee (vocal tone) qunnamtii ijaa (eye contact),
- sochii qaama (gesture, movement),
- haala dhaabbii qaamaa,
- haala dhaabbannaa (appearance),
- yoomessaafi
- dhiyeenya/fageenya (spatial distance) fi waantonnifi yaanni akka mallattootti tajaajila.

- ✓ Fakkeenyaaf, hiriyyoonni yeroo hedduu kennaawwan mimmiidhagoofi akka nyaataa (chokoleetii, karameellaa, mastiikaa) walii kennu, toora imeelii (e-mail) yookaan lakkoofsa bilbilaa walgeeddaru.
- ✓ Kunis mallattoo walitti dhufeenya gaariiti.
- ✓ Mallattooleen jechaafi mitjechaa akka ergaa uumuttis ta'e akka ergaa hiikuutti (interpreting) tajaajilu.
- ✓ Akka dubbataatti (ergaa dabarsaatti), ergaan kan uumamu mallattoolee hedduu jiran keessaa kan sirriidha jedhanii yaadan filuudhaani.
- ✓ Akka dhaggeeffataa daawwataatti ammoo, mallattoolee namoonni biroon dabarsaniif hiika laanna.
- ✓ Mallattoolee kanaan yaada waljijjiiruun waanuma salphaa fakkaatee ilaalamuu nidandaha.
- ✓ Garuu, yeroo baay'ee adeemsa quunnamtii keessatti walhubannaan dhabamee, mallattooleen bifa hinyaadamneen hiikamanii yeroo rakkoon uumamu agarra.
- ✓ Quunnamtiin irra caalaa bu'aa qabeessa kan tahuu dandahu; ergaa dabarsan (senders) mallattoolee baay'ee sirrii tahan filachuudhaan, namoota mallattoolee kana haalaan hiika itti kennuu dandahaniif yoo dabarsedha.
- ✓ Kanneen qunnamtii irratti hirmaatan lachuu, dubbataafi caqasaan (speaker and listener) ergaa mallattooleetiin waljijjiiran irratti hiika walfakkaatu kennuu warra dandahan otoo tahe quunamtichi milkaahaa taha.
- ✓ Kana jechuun garuu, qaamoleen lamaan kunneen quunnamtii keessatti gutumaa guutuutti waliigalu jechuu miti.
- ✓ Adeemsi (process) qunnamtii jijjiiramaafi (dynamic) ittifufaadha.
- ✓ Qunnamtii keessatti walitti dhufeenyi uumamu seenaa qunnamtii mataa isaa uummata.
- ✓ Seenaan kunis kan irra deebihuun danda'amu miti. Kanaafis, "*It is unfortunate you only get one chance to make a first impression,*" kan jedhamu.
- ✓ Walitti dhufeenyi qunnamtii keessatti guyyaa jalqaba walargan uumama.
- ✓ Affeerraa irratti, kutaa barnootaa keessatti yookaan walgahii irratti tahuu dandaha.
- ✓ Haalli walitti dhufeenyaas karaalee gara garaatiin eegaluu dandaha.

- ✓ Gaaffii, ijaan walirra bu'uu, seequufi hawannaa fuulaa (smile)fi kan biroon ka'umsa tahuu malu.
- ✓ Takka walitti dhufeenyi uumamnaa, hariiroon seenaa isaa guddachaa deema. Kunis haaluma qunnamtiin jiruun ijaaramuu danda'a.
- ✓ Walitti dhufeenyi haala ittifufaa taheen guddachaa deemuun isaa qaamaan /xiinsammuutiin/ walirraa fagaachuu irraa kan ka'e gufachuu dandaha.
- ✓ Seenaan walitti dhufeenyichaa garuu itti fufiinsa guyyaa jalqaba walargan irraa kaasee nijiraata.
- ✓ Yeroo tokko tokko namoonni guyyaa jalqaba hariiroo uuman balleessu yookaan haquu hawwu.
- ✓ Kaan ammoo namoota waliin jechoota hintaaneen isa walgaddisiisan dagachuu hawwu. Lamaanuu garuu kan dandahamu miti.

**Galvintifi Wilkinson yaada kana akka itti aanutti kaahu.**

*“Individuals may choose to emphasize or deemphasize certain communication events throughout their relationship history, but they can never go back to “how things used to be.” or “delete a piece of that history.”*

Kunis seenaan jalqaba Qunnamtii namoota gidduutti raawwatame tokko salphumatti dagatamuu ykn jijjiiramuu hindanda'u jechuudha.

### **1.8.5. Unkaa (Form)**

- ✓ Yaanni mataa isaatiin dhaamsa miti.
- ✓ Yaanni dhaamsa ta'uuf dursa yaadichi toora galee unkaa dubbiitiin ykn unkaa barreeffataatiin dhaamsa simataaf ykn matayyaaf dhiyaachuu qaba.
- ✓ Tartiiba ykn qindaa'ina ergaan ittiin darburratti xiyyeeffata.
- ✓ Unkaan qindaa'aan hubatamiinsa dhaamsa darbeetiif murteessaadha.
- ✓ Dubbataan dhaamsa qilleensarra oolchuun dura sammuu ykn waraqaarratti qindeessuufi toora qabsiisuu qaba.

### **1.8.6. Toora (Channel)**

- ✓ Dhaamsi kamiyyuu buufata maddaa (station) irraa ka'ee daandii keessa qaxxaamuree gama qaama dhaamsa simataa bira gahuun qaba.
- ✓ Daandiin ergaan keessa darbu kun toora (channel) jedhama.
- ✓ Toorri tooftaawwan dhaamsi ittiin darbuufi dhimmoota kanaan walqabatan hammata.

- ✓ Fakkeenyaan qunnamtii fuulaafi fuulaan gaggeeffamu dabalatee dhaamsi
  - telefoonaan,
  - barreeffamaan,
  - raadiyoonaa,
  - Televizhiiniifi DVD'n raawwatamuu danda'a.
  - Toorawwan qunnamtii dameewwan sadiin armaan gadii waldeeggaranii ergaa ifaafi qabatamaa taasisuuf gargaaranitti qoodanii ilaaluun nidanda'ama. Isaanis:
    - ❖ Toora miirqaamaa (Sensory channel)
    - ❖ Toora mitijechaa (nonverbal channel) fi Toora sochii qaamaa (body movement channel)
    - ❖ **Toorawwan Afdukee (Paralingual Channel) ti.**

#### I. Toorawwan Miirqaamaa (Sense Organ Channels)

- ✓ Toorawwan qunnamtii miirqaamaa: caqasuu, tuquu, fuunfachuufi dhamdhamuufi dhaggeeffachuudha.
- ✓ **Qunnamtiin Miirqaamaa toorawwan qunnamtii shanan gadiirratti hundaa'a.**
  - A. Qunnamtii Fuunfannaa (Olfactory Communication)
  - B. Qunnamtii Tuqaatii (Tactile Communication)
  - C. Qunnamtii Dhageettii (Audio Communication)
  - D. Qunnamtii Argaa (Visual Communication)
- ✓ Qunnamtii guyyuu keessatti toorawwan tooftaa teknoolojiitiin uumaman kannen akka (raadiyoo, televizhiinii, galaalchaa, kitaabaa) qaamawwan miiraa shanan olitti tarreeffaman keessaaa tokkoofi kanaa olitti gargaaramuun fayyadamna.
- ✓ Haaluma kana fakkaatuun, namni dhaamsa dabarsullee toora tokkoofi kanaa olitti fayyadamuun yaaliin qunnamtii akka milkaa'uuf carraaqa.
- ✓ Fakkeennaaf, Gola Barnootaa Hammayaawaa (Smart Classroom) ta'e keessati barsiisaan gabatee gurraacha, LCD, odibsaafi sochiiwwan qaamaatti ergaantakkaa (simultaneously) fayyadama.
- ✓ Ergaan kamiyyuu iddoo tokkoo iddoo biraa, nama tokkorraa nama biraatti darbuuf daandiiwwan armaan gadii fayyadama.
  - A. Danbalii qilleensaa (Air wave):- daandii ergaan daddarbiinsa dhaamsaa.
  - B. Danbalii sagalee (Sound wave):- TV, Radio,

C. Keebiliiwwan:- Internate

D. Shiboowwan Koopparii:- Satalayte Dish

E. Electronic signals

F. Written Signals:- News Papper, Magazens, Pamplets,

G. Light waves:- Gama ray, x-ray, ...

## II. Toorawwan Mitijechaa (Nonverbal Channels)

- Dhaabbii qaamaa (appearance)
- Sochii fuulaa (facial expression):- (soda, aarii, jibbuu, gadduu, gammaduu, ...)
- Ergaa ijaa (Eye contact/cue):- (doorsisuu, jaalachuu, jibbuu, sodaachisuu, simachuu, watwaachuu, hayyamuu, amanuu, ittisuu, akeekkachiisuu, ...)
- Bakkafi yeroo
- Meeshaalee Aadaa (Artifacts)
- Tuqiinsa (taphachuuf, gammachuuf, )
- Calleensa (yeroo itti yaaduu, of qusachuuum, miidhaa, amanuu, diduu, finciluu, jibbuu, tuffachuu, obsuu ...)
- Urgooftuu (jaalalaaf, kabajaaf, fedha saalqunnamtiitiif...)

## III. Toorawwan Afduukee (Paralingual Channel)

✓ Qunmatiin mitijechaa sagaleewwan halluu adda addaa jechootarra buufatan, sagaleewwan sadarkaa jechaa hinguunnee kanniin miira adda adda ibsaniifi calleensatti gargaarama.

✓ Gonkumaa sagaleetti fayyadamuu dhiisuus danda'a.

✓ Haalli qunnamatii kun Afduukee ykn dabaaltuu afaanii jedhama.

✓ Duukee ykn "para" jechuun dabaaltuu, "alongside" or "parallel to," so paralinguistic means "alongside the words or language."

✓ Yaanni kun akka armaan gadiitti ibsama.

Paralanguage involves the vocal but nonverbal dimensions of speech. It includes rate, pitch, volume, rhythm, and vocal quality as well as pauses and hesitations. Paralanguage helps us make judgments about people, their emotions, and their believability. Silence may communicate a variety of meanings, from messages aimed at hurting another (the silent treatment) to deep emotional responses.

- Miirsagalee (Tone)

✓ Harka na qabi! (Sagalee kadhaa/watwaannaatiin)

- ✓ Harka na qabi! (Sagalee kabajaatiin)
- ✓ Harka na qabi! (Sagalee qaxalummaafi si'aa'ina qabduun)
- ✓ Harka na qabi! (Sagalee ajajaatiin)
- ✓ Harka na qabi! (Sagalee dheekkamsaatiin)
- ✓ Harka na qabi! (Sagalee tuffiitiin arraba qacceerratti)
- **Bu'aa bahii (Danbalii) Sagalee (Pitch)**
  - ✓ **Kitaaba** kiyya isatu fudhate hinjedhu.
  - ✓ Kitaaba **kiyya** isatu fudhate hinjedhu.
  - ✓ Kitaaba kiyya **isatu** fudhate hinjedhu.
  - ✓ Kitaaba kiyya isatu **fudhate** hinjedhu.
- Qabee sagalee (Volume) Furdinaafi qal'ina sagalee
- Sagaleewwan Mitijechaa (Nonword sounds):  
Sagaleewwan akka ihm!, aham!, ush!, Uff!. Bah!, Boh!, Ow! ekekke...! , haay!,"  
“ah!,” ish!, Bas! Ihi'i!, umm!, ush!, ...
- Calleensa (Silence): Haasaa keessatti callisuu ykn deebii kennuu dhiisuu
- Gaaffii (Fkn- Qarshii lafaa hammaaramaa?)

Adeemsi qunnamtii walitti dhufeenya waantota walirratti hirkatan, itti fufiisa qabaniifi gochaawwaniifi yaadgabbisawwan hiika qaban hammata.

### 1.8.7. Hubachuu (Decoding)fi Hubachiisuu (Encoding)

Hubachiisuu (Encoding)- Adeemsa dhaamsi tokko buufatarraa ka'ee toora (channel) keessa darbuun qaamawwan miiraa dhaamsa simataatiin gara mallattoowwan quunnamtiitti geeddaramuuni.

Hubachuu (Decoding)- Adeemsa dhaamsa simataan jechootaafi mallattoowwan adda addaa dhaamsa dabarsaa biraa tamsa'e simachuudhaan xiinxalee hiikkaa keessaa argatu.

### 1.8.8. Yaadgabbisa (Feedback)



- ✓ Odeeffannoon ergaa maddaa gabbisuuf ykn fooyyessuuf ergaa simataan kennamu yaadgabbisa jedhama.
- ✓ Yaadgabbisni (Feedback) adeemsa bu'a qabeessummaa ergaa darbee ykn tamsa'ee ittiin ilaalamuufi mirkanaa'u.
- ✓ Yaadgabbisni deebii (response) ergaa fudhataan ykn ergaa simataan karaa jechaatiin yookiin mitijechaatiin ergaa dabarsaaf kennu.
- ✓ Fakkeennaaf, qabiyyee kutaa keessatti barsiifamaa jiru tokko irratti hirmaannaan yoo barattootaa yoo dhabame, fuulli barattootaa yoo dukkanaa'e, gaaffiiwwan hedduun yoo ka'an ykn ibsi dabalataa akka kennituuf gaaffiin walfakkaatu barattootarraa yoo dhiyaate barannoon sun haalaan akka hingaliniif yaadgabbisni kennamaa jira jechuudha.
- ✓ Barbaachisummaan kenniinsa yaadgabbisaa ergaa dabarsaarraa ykn ergaa simataarraa madduu danda'a.
- ✓ Kanaafuu, dhaamsa dabarsaan olka'iinsaafi gadibu'iinsa sagalee isaa too'achuun, ofdhaggeeffachuun, haala ibsa kennamuu madaaluun ofumaa of fooyyessuu danda'a.
- ✓ Akkuma olitti ibsame simataan dhaamsaa bifa gaaffiitiin, jijjiirama fuularratti mul'atuun, mallattoo ilaalcha addaatiin gaaffiin, ajaa'ibsiifannaan ilaaluun, harka rukutuun, gumgumuun, wal ilaaluufi walgaafachuun, ... yaadgabbisa argachuuf ka'usa ta'uu danda'a.
- ✓ Kanaafuu, ergaa dabarsaan yaadgabbisa ofumaan ofiif kennuu ykn dhaamsa simataan argachuu danda'a.
- ✓ Kana malees yaadgabbisni qajeelaa, faallaa; kan battalaa ykn barfataa ta'uu danda'a.
- **Yaadgabbisa Qajeelaa (Positive Feedback):-**
- **Yaadgabbisa Faallaa (Negative Feedback):-** yaadgabbisa garaagarummaa qabachuun, nuffii agarsiisuun, mufachuun, maqsuun (rejection), ... calaqqisiifamu.
- **Yaadgabbisa Battalaa (Immediate Feedback):** yaadgabbisa battala qunnamtiitti kennamu. Fakkeennaaf, harka rukutaa yeroo hurruubummaa, fiiksuu, caraanuu, ...
- **Yaadgabbisa Barfataa (Delayed Feedback):-** yaadgabbisa yeroon qunnamtii erga darbeen booda akka komiitti, hamaan, xalayaan, bilbilaan, ... calaqqisu. Faayidaawwan yaadgabbisaa ammoo:
  - ✓ Ergichi qajeellotti hubatamuu fi dhiisuu isaa ergaa dabarsaatti hima.
  - ✓ Qunnamtii keenya fuulduraa akka sirreeffamuuf nu gargaara.

- ✓ Dhaggeeffataan ergaa dhagahee fudhatetti hagam hojjachaa akka jiru nutti hima.

### **1.8.9. Haalgalumsawwan Qunnamtii**

Qunnamtiin kamiyyuu haalgalumsa keessatti gaggeeffamu qaba. Hiikkaan dhaamsa tokko haalgalumsa keessatti gaggeefamuun salphamatti hubatama. Hiikkaan dhaamsa haalgalumsaan ala gaggeeffamuu iftoomina hinqabu. Halgalumsawwan qunnamtii handaarawwan (dimensions) arfan: haalgalumsa aadaa, haalgalumsa hawaasxiinsammuu, haalgalumsa yeroo, haalga armaan gadiitiin dhiyaachuu danda'a.

#### **I. Haalgalumsa Aadaa (Cultural Context)**

Garaagarummaa haalgalumsa qunnamtii aadaa tokkoofi aadaa biroo keessatti mul'aturratti xiyyeeffata. Kunis garaagarummaa amantaa (beliefs), duudhaa ykn sona (values), haalaafi amala (ways of behaving), ... hawaasa adda adda gidduu jirurratti hundaa'a.

#### **II. Haalgalumsa Hawaasxiinsammuu (Socio-psychological Context)**

Haalgalumsa gosa kanaa hariiroo sadarkaa miseensota hawaasaa gidduu jiru, gahee miseensonna hawaasaa taphatan, seera aadaa hawaasaa ummanni keessatti walqunnamuufi kkf hammata.

Xiinsammuu waloo jamaa aadaa tokko qabuuti.

Kana malees, hiriyyummaafi mitihiriyyummaa, idilummaafi alidilummaa, baacoofi waan sona. Fakkeenyaaf, haalli qunnamtii hawaasaa sirna eebbaa irratti mul'aturraa adda.

Kanaafuu, haalgalumsa hawaasxiinsammuu unkaafi akkaataa qunnamtii irratti gahee mataasaa qaba jechuudha.

#### **III. Haalgalumsa Yeroo (Temporal Context)**

- 1) Aadaa tokko tokko keessatti ijoolleen ga'eessota wajjiin haasawarratti hirmaachuun dhoorkaadha. Dubartiin deettes hamma guyyoota muraasaaf akka haasoftu hin hayyamamuufi. Aadaa hawaasaa tokko tokko keessatti ganama ganama dubbachuun kan dhoowwamu yommuu ta'u, aadaa hawaasaa biroo keessatti ammoo yeroo dubbii murteessaadha.
- 2) Yeroo seenaa (time in history) tokko keessatti dhaamsi aangoo, sanyii, saalaafi, amantaan walqabatee darbu yeroo seenaa (time in history) biroo keessatti hubatamuu dhiisuu malu. Fakkeenya, dhimoonni mootummaa gonfoo, mootummaa abba irreefi mootummaa

FDRE keessatti beekkaman inni tokko isa biraa keessatti hubatamuu dhabuu mala. Akkaataan hawaasaafi dhaamsi qabiyyee qunnamtii yeroo seenaa tokkoo yeroo seenaa biroo keessatti garaagarummaa niqabaata. Kana malee, garaagarummaan haalgalumsa yeroo garaagarummaa vookaabulaarii axarii (active vocabulary) irrattillee adda addummaa bal'aatu mul'ata. Fakkeennaaf, bara Mootummaa Gonfoo keessa 'mootichi mana fincaanii deeme' jechuuf 'Anbassaa madab waxxaa' kan jedhan yommuu ta'u, Mootichi Shanan Gibee Abbaan Jufaar yoo boolii bahan 'qassoo bahe' jechu. Yaadawwan kunniin yeroo ammaa bal'inaan kan beekkamanii miti.

- 3) Adeemsa duraa duuba taateewwan qunnamtii keessatti, yeroon taamsaasa dhaamsaafi yaadgabbisaa ykn dabareen dhaamsa simataa (battalatti ykn barfachuun) ta'uun hiikkaa, ulfaatinaa xiyyeeffannaafi gadii dhaamsichaarratti dhiibbaa qaba.

#### **IV. Haalgalumsa Qabatamaa (Physical Context)**

Haalgalumsa qabatamaan bakka ykn naannoo qunnamtiin keessatti gaggeeffamurratti hundaa'a. Kunis, dirree, kutaa barnootaa, galma walgahii, galma tiyaatiraa, waajjira, manneen amantaa, gaba'aa ta'uu danda'a. Haalgalumsa qabatamaan waan jedhamu (qabiyyee dhaamsaa)fi akkaataa dhaamsichi ittiin jedhamu (unkaa dhaamsaa) ni murteessa.

##### **1.8.10. Dhiibbaa (Effect)**

Kaayyoon qunnamtii dhiibbaa ykn jijjiirama hawwame ykn barbaaddame tokko dhaamsa simataarratti dhaqqabsiisuudha. Qunnamtiin dhiibbaa geessisu tokko hinqabne hinjiru. Dhiibbaan (effect), bu'aa qunnamtiiti. Dhiibbaan qunnamtiin dhaamsa simataarraan geessisu qajeelaa (positive) ykn faallaa (negative) ta'uu danda'a. Qunnamtiin milkaa'e kan jedhamu dhiibbaan barbaaddame galma yoo gahe. Akka waliigalaatti, Diveto (2015) akka ibsutti dhiibbaawwan qunnamtii dhaamsa simataarratti mul'achuu danda'an dhiibbaa Miiralaalchaa, dhiibbaa Yaadqalbiifi Dhiibbaa Qaamsammuuti.

##### **I. Dhiibbaa Yaadqalbii (Cognitive Effect)**

Dhiibbaan yaadqalbii jijjiirama yaadqalbii dhaamsa simataa irratti akka mul'atu barbaaddamu. Fakkeenyaaf, odeeffannoon mala odibsaatiin barsiisaan kutaa barnootaa keessatti barattootaaf kennu beekkumsaafi bubannoo (cognitive) haaraa argachuu irratti dhiibbaa olaanaa qaba.

##### **II. Dhiibbaa Miiralaalchaa (Affective Effect)**

Dhiibbaan miiralaalchaa jijjiirama gama ilaalchaa, amantaa, fedhii, currisaa (emotion), ... hirmaataa qunnamtii irratti akka mul'atu barbaaddamu ilaallata. Hariiroon miseensota qomoowwan, saboota, biyyoota, ... lamaa gidduu jiru cimuu ykn laafuu kan danda'u sababa hamma dhiibbaa miiralaalchaa uumamuutiini. Kaayyoon barnoota aad-heddeefi af-heddee baay'ee ta'ullee inni muummichaa waljaalala lammiwwan biyyaa waliif qaban cimsuufi tursiisuurratti gahee olaanaa qaba. Dhiibbaan qunnamtii bu'aa qeenxee waan hintaaneef beekkumsaafi hubannoofillee (cognitive) ni kenna.

### III. Dhiibbaa Qaamsammuu (Psychomotor Effect)

Dhiibbaan qaamsammuu dhiibbaa sababa qindoomina sammuu fi maashaa qaamaatiin (psycho +motor) jijjiirama gama gochaafi amalaatiin (action and behavioral) hirmaataa qunnamtiirratti akka mul'atuuf hawwamu. Fakkeenyaaf, sochiin guddinaafi jabeenya qaamaa, ogummaa fakkii kaasuufi bobbooca qopheessuu dorgaadorgee garmaamaafi fiigichoo aadaafi hammayyaa, dandeettii shubbisaafi ragada aadaafi hammayyaa, sochii maarshaal aartii, faayaa halluu manaafi gamoowwanii ... (akkuma ispoortiiin fayyaadhaaf, ispoortiiin jaalalaaf, ispoortiiin jabeenyaaf, ispoortiiin guddinaaf, ispoortiiin gamtoomaaf, ispoortiiin ... jedhamu) qunnamtiinis jijjiirama qaamsammuuratti dhiibbaa olaanaa qaba.

Dhibbaawwan kunniin kophaa kophaasaanii kan ijaajjan osoo hinta'in dhiibbaa walfaanaa qabaachuu malu. Kana jechuunis, yeroo baay'ee dhaamsumti tokkichi dhiibbaa hedduu dhaqqabsiisuu danda'u. Fakkeenyaaf, haasofni waltajjii (public speech) dhimma daruma baqattootaarratti dhiyaatu hubannoo haaraa siif dabarsuu (dhiibbaa yaadqalbi), miira addaatiin si yaachisuu (dhiibbaa miiralaalchaa) akkasumas, namoota qubsum dhabeeyyii sana yoo qunnamtu akka arjoomtuuf (dhiibbaa qaamsammuu) si taasisuu mala. Kun ammoo, qunnamtiin bu'aa qeenxee osoo hinta'in bu'aa dachaafi bu'aa sadoo gumaachuu akka danda'u mirkaneessa.

#### 1.8.11. Gufachiisoowwan Qunnamtii

- ✓ Gufuuwwan qunnamtiin haala barbaadameen akka hin hubatamne gosaanis ta'ee haalaan hedduudha.
- ✓ Qunnamtii gaggeeffamu kamuu jeequmsa kan qabu yoo ta'u, jeequmsi kun garuu wal caaluu danda'a. Fakkeenyaaf,
  - **Waliin dubbiirratti:-**
    - waca garaagaraa,

- yaadaan godaanuu,
- xiyyeeffannoo dhabuu,
- sodaafi shakkii,
- aadaafi afaan walii sonaan beekuu dhabuufi kkf.

➤ **Raadiyooratti:-**

- qulqullina danbalii qilleensaa,
- sagalee qopheessaa,
- meeshaan qunnamtii rakkoo godhachuu ykn
- Meeshaalee qunnamtiitti qixa sirriin fayyadamuu walaaluu faadha.

➤ **Maxxansarratti:-**

- rakkina haalluu,
- qulqullina waraaqaafi
- gulaallii garaagaraafi kkf.

- ✓ Kaniin malees, wantoonni hiikkaa dhaamsa qunnamtii danqan hundinuu gufachiiftota qunnamtii jedhamu.
- ✓ Gufachiiftonni qunnamtii haalaafi taateewwan adda addaa irraa kan maddan yommuu ta'an lakkoofsaan baay'eedha.

Akka Dickson (1999) fi Efreemiifi Zalaalam (2006 E.C.) ibsanitti gufachiistonni hiikkaa dhaamsa qunnamtii hedduu yommuu ta'an kanneen keessaa baramoon (common) fi gurguddoon

- haala xiinsammuu,
- fayyaa qaamaa,
- xiinhiikaa,
- naannoo,
- saalaafi umrii,
- miidhama qaamaafi isaan kanniiniin hidhata wantoota qaban hammata.

**I. Haala Xiinsammuu (Psychological)**

- ✓ Jeequmsi xiinsammuu sababa dhiibbaa sammuu dhaamsa dabarsaa ykn dhiibbaa sammuu dhaamsa simataa irraa kan ka'een dhiibbaa hiikkaa dhaamsa irratti gahu.
- ✓ dhiibbaa sammuu dhaamsa dabarsaa + dhiibbaa sammuu dhaamsa simataa = dhiibbaa hiikkaa dhaamsa

- ✓ Akkaataa qophii xiinsammuu odeeffannoo haaraa dhufu fudhachuufi odeeffannoo dura sammuu qabnu fooyyessuu ykn jijjiiruurratti gahee guddaa qaba.
- ✓ Odeeffannoowwan tokko tokko bu'aa qorannoo saayinsiifi teknoolojii irratti kan hundaa'e osoo hintaane ilaalchaafi ka'umsa dogongoraarraa kan maddan (stereotypes) ta'uu danda'u.
- ✓ **Jeequmsi xiinsammuu**
  - filannoo matayyaa (dhuunfaa),
  - odeeffannoo dogongoraa,
  - tuffii, shakkii,
  - jibbiinsa,
  - oftuummaa,
  - mormii ykn diddaa,
  - loogummaafi
  - **ilaalcha summaawaa (prejudice)** dhaamsa dabarsaan ykn dhaasma simataan qaburraa kan ka'e dhaamsa tamsa'u sanarratti dhaqqabu.
  - Kun ammoo dhaamsi qixa sirrii tamsa'eetiin akka hin hubatamne waan taasisuuf hiikkaa dhaamsa sanaarratti dhiibbaa hamaa (negative impact) qaba.
- ✓ Ilaalchaafi odeeffannoon bu'uura dogongoraarraa madde qunnamtiin qajeellootti akka hinraawwatamne danqaa uuma.
- ✓ Kanaafuu, sammun keenna odeeffannoon nu dhaqqabu waan fedheyyuu haata'uu obsaan dhaggeeffachuufi yaadgabbisaan sirreessuuf qophaa'oo ta'uu qaba.

### **Gufachiistonni qunnamtii kan gama xiinsammuu bifa lamaa mul'atu. Isaanis,**

- **Gufachiisoo Ilaalchaa/Tilmaamaa (Perceptual barriers)**
  - ✓ Muuxannoon keenna tilmaama ykn ilaalcha keenna irratti dhiibbaa qaba.
  - ✓ Kun ammoo battalumatti hubannoo keenna danquufi qunnamtii keennallee gufachiisuu danda'a.
  - ✓ **Namni kamiyyuu, addunyaa tana haala isaa toleen gama adda addaatiin ilaala.**
- **Gufachiisoo Muuxannoo (Experiential barriers).**
  - ✓ Muuxannoon qabnu tokko tokko muuxannoo hinqabne caalaa hubannoofi ergaa qunnamtii danquu danda'a.

✓ “Experiential barriers on the other hand become barriers by virtue of not having experienced them and resultantly the interpretation and comprehension is altered.”

## II. Fayyaa Qaamaa (Physiological Noice)

- ✓ Sababa miidhama qaamawwan miiraa
  - ija,
  - gurra,
  - qaamolee duddiifi
  - hubama dandeettii yaadachuu (memory loss)fi
  - saldheessummaa/Qucuuccina/fadhiidummaa sammuu (mental retardation) fa’a.
- ✓ Namoonni rakkoo fayyaa qaamolee miiraa qaban toora (channel) biraa (deeggarsa addaa) waan barbaadaniif hiikkaan dhaamsa qummantii idileerratti
  - hanqina salphaa,
  - giddugaleessa ykn
  - hanqina cimaa qabaachuu danda’u.
- ✓ Miidhaawwan akkanaa tooftaawwan hammayyaa saayinsaawaa birootiin yoo hindeeggaramin gufachiisoo cimaa ta’uu danda’u.

## III. Haala Xiinhiikaa (Semantics)

- ✓ Afaan jechoota keennaan yaada keenna ittiin ibsannu namoota muuxannoo
  - jechoota ogummaa,
  - jechoota gareefi
  - jechoota abshaalotaa,
  - jechoota loogaa
  - Jechoota guftan (classical words) nuti itti fayyadamne hinbeekneef gufuu ta’uu danda’a.
- ✓ Jechoonni akkanaa kunniin tajaajila bal’aa haasaa guyyuu keessatti waan hinmul’anneef namoota kaawwan hin hirmaachisan (Exclude others).
- ✓ Kun ammoo qunnamtii gufachiisa.
- ✓ It was very obvious that we were communicating at a higher level of understanding on our journey back; we were talking very frankly about how the global world has necessitated knowing, understanding, accepting and respecting one another.
- ✓ Jeequmsii hiikaa:-

- garaagarummaa ilaalchaa,
- beekumsaa,
- muuxannoo yaada maddisiisaafi yaada simataa jidduu jirurratti gufuu qunnamtii irratti uumamurratti hundaa'a.
- Qabxiin dhaamsa maddisiisaafi dhaamsa simataa wal hin arganne yoo ta'e qummantiin hinmilkoofne jechuudha. Fakkeenya,
  - Mirga (right),
  - harka mirgaa (right hand),
  - democratic right ykn mirga demokraasii jennee yoo adda baasne malee cal jennee 'mirga' yoo jenne adda baafachuun rakkisaa waan ta'uuf jeequmsa uuma.
- ✓ Hiikkaan, namoonni afaan tokko waan dubbataniifi aadaa tokko keessa waan jiraatan qofaaf tokko jedhamii murteessuun ulfaataadha.
- ✓ Kanaafuu, adeemsa qunnamtii keessatti qabxii ijoo yaada nama dhaamsa dabarsuu hubachuuf
  - ilaalacha,
  - umrii,
  - amantaa,
  - sansaka ykn
  - eenyummaa dubbataa,
  - hawwiifi fedhiin isaa,
  - ijannoo inni qabu, dhaamsa simataan sirriitti beekkamuu qaba.
- ✓ Kanas kan ta'uuf dhaamsi kan jiru jecha keessa osoo hinta'in sammuu dhaamsa dabarsaafi sammuu dhaamsa simataa keessa waan ta'eef yaanni sammuu qaama lamaanii kun walsimachuu qaba.
- ✓ Rakkoowwan gama kanaan mudatu hir'isuuf akkaataan filannoo jechootaa (jechoota ogummaa, jechoota garee, jechoota abshaalotaa, looga naannoo, ...) irratti ofeeggannoo taasisuufi eenyummaa dhaggeeffataafi kaayyoo qabiyyee tamsa'uu beekuun fala guddaadha.
- ✓ Ofeeggannoon taasifamuu kan qabu filannoo jechootaa qofarratti osoo hintaane itti fayyadama mallattoowwaniirratillee barbaachisaadha.



- ✓ Bakka adda addaa keessatti mallattommaan mitijechaa tokko hiika adda addaa qabaachuu danda'a.
- ✓ Fakkeenyaaf, mataa gara oliifi gadiitti sosochoosuun Itoophiyaatti mallattoo waliigaltee 'sign of agreement' yommuu ta'u, mallattommaan kun biyya Albaaniyaatti ammoo waliigaluu dhabuu 'sign of disagreement' ti.
- ✓ Hiikkaan mataa gara bitaafi mirgaatti sosochoosuunis illaa akkasuma walii faallaadha.
- ✓ Kanaafuu, adeemsa qunnamtii keessatti jechootattis yaa ta'uu mitijechootatti yommuu fayyadamnu gufuu qunnamtii akka hin uumamne hubannoorratti hundaa'uun ofeeggannoon dhimma itti bahuun barbaachisaadha.

#### IV. Jeequmsa Haalgalumsaa (Contextual Noise)

- ✓ Qabiyyeen qunnamtii fi yoomessi dhimmichi keessatti dhiyaatu walqabannaa qabaachuu yoo baate dhaamsi haala barbaaddameen simatamuufi hubatamuu hindanda'u.
- ✓ Fakkeenyaaf, sirna awwaalchaa irratti yeroo bashannanaa gaarii akka ta'uuf hawwuu.
- ✓ Haalgalumsi qunnamtii
  - yoomessi qunnamtii,
  - aadaa qunnamtii,
  - Afaan qunnamtii,
  - umrii, saalaafi kkf irratti murtaa'a.
- ✓ Miseensa garee tokkoo taanee keessa turuu yommuu barbaannu, haa turruu haa dafnuu aadaa garee sanaatti madaquutu nu barbaachisa. Gareen sunis aadaa sanatti madaquu keenyaaf beekkamtii, dinqisiifannaa, gargaarsaafi firummaa nuuf kennu. Isaanis ni simatu; atillee isaaniin waliigalta. Ni madaqxa. Bu'aan kunis dachaadha.

#### V. Haala Naannoo (Environmental)

- ✓ Jeequmsi alaa (naannoo) wantoota (jeequmsa) osoo qunnamtiin geggeeffamu gidduun uumamu ta'ee kan gidduun dhageenyu yookiin agarru hundaa hammata.
- ✓ Jeequmsi akkanaa qaama dhaamsa dabarsaafi dhaamsa simataa wajjiin hariiroo hinqabu.
  - Fakkeenyaaf,
    - waca bakka buufata konkolaataa,
    - waca bakka gabayaa,
    - iyya mootoraa,

- barreeffama harkaa namaaf hindubbifamne,
- qubeeffama dogongoraafi kkf hammata.
- mijatiinsa kutaa qunnamtiin itti gaggeeffamuu,
- calaqqeessa ifaa, hoo'a,
- tasgabii hirmaattotaa,
- qulullina meeshaalee ergaan ittiin tamsa'uufi wantoota dhimma kanniiniin walqabannaa qabanirratti hundaa'a.

## VI. Haala Saalaafi Umrii (Demography)

- ✓ Saalaafi umriin dhaamsa tokko hubachiisurrattis ta'ee hubachuurratti dhiibbaa mataasaa qaba
- ✓ Haasofni namoota umrii ijoollummaa ykn umrii dargaggummaa keessa jiraniin dhiyaatu irra caalaan hiikkaa kallattii dabarsa.
- ✓ Faallaa kanaatiin garuu akkaataan filannoo jechootaafi ibsannaa yaadaa namoonni gorora liqimsan hamma tokko habalakummaan kan guuttame ta'ee danda'a.
- ✓ Adeemsi akkanaa dhaamsa hubachuurratti dhiibbaa mataasaa qabaata.
- ✓ Gama saalaatiin ammoo dhiiraafi dhalaan fayyadama afaaniitti walqixa saaxilamoo miti.
- ✓ Dubartoonni warra dhiiraa caalaa dandeettii yaada isaanii ciigoofi qishinaan kuulanii dhiyeessuu qabu.
- ✓ Kana malees, akkaatammaan hiikkannaa mallattoo kan warra dhiiraafi warra dhalaa garaagara.
- ✓ Fakkeennaaf, haasawa tokko keessatti dhiirri mataa isaa oliifi gadi sochoosaa dhaggeeffate yoo ta'e hiikkaan isaa 'yaada kanarratti waliin gala' jechuu yommuu ta'u mallattommaan kun kan warra dhalaatiin yoo agarsiifame 'dhaggeeffachaan jira' jechuudha malee waan ati jette fudhadheen jira jechuuf miti.

## VII. Miidhama Qaamaa (Disability)

- ✓ Miidhaan qaamaa kan qaama keessaas ta'ee kan qaama alaa qunnamtiirratti dhiibbaa geessisuun danda'a. Fakkeenyaaf;
  - kan argaa,
  - kan dhageettii,
  - kan dubbiifi

➤ kan muukuu (depress)

➤ kan fadhiidummaa (mental retardation) faadha.

- ✓ Rakkoowwan kunniin dhaamsa barbaaddame haalaan dabarsurrattis ta'ee qixa sirrii ta'een simachuurratti dhiibbaa olaanaa qabu.
- ✓ Kanaafuu, akka barsiisaatti ykn raawwataa gahee tokkootti dhiibbaawwan jiraachuu malan dursanii tilmaamuufi ofeeggannoo ykn qophii barbaachisu taasisuun murteessaadha.
- ✓ Wantoonni kunniin qunnamtii milkeessuurrattis ta'ee gufachiisuurratti gahee olaanaa qabu.
- ✓ Kanniin maleettis wantoonni gufachiisoo qunnamtii ta'an
  - buufata tamsaasa ergaa (transfer station),
  - Tuullama odeeffannoo (information overload)
  - dhimma dhokataan (hidden agenda) qabiyyee qunnamtiitiin kan walqabatan ta'uu danda'a.

#### **I. Buufata Tamsaasaa**

- ✓ Danqamni qunnamtii tooraan walqabatu qulqullina meeshaa elektirooniksii- televizhiinii-harkistuu mallattoo suuraafi sagalee (signal) irratti hundaa'a.
- ✓ Toorri tamsaasa dhaamsaa dadhabaa (weak signal) yoo ta'e, dhaamsi tamsa'e hiikkaa barbaaddame qabatee simataa bira akka hindhaqqabne taasisa.
- ✓ Dhaamsi bakka (buufata) irraa maddetti kan hafuu osoo hinta'in gara dhaamsa simataatti karaa tooraatiin tamsa'uu qaba.
- ✓ Dhaamsi maddarraa qulqullinaan yoo tamsa'eyyuu dandiirratti gufuun mudachuu danda'a.
- ✓ Kunis ergaan sun akka jirutti dhaamsa simataa gahuu dhiisuu, barfachuu, kallattii jijjiirrachuu, boora'uu danda'a.
- ✓ Rakkoon akkanaa gufuu qunnamtii milkaawaati.
- ✓ Buufata tokko gara biraatti yemmuu deemu ergaan bifa isaa geeddara yookiin tasuma bada.
- ✓ Fakkeenya, Tulluun maatiisaatiif dhaamsa Dammituufi Iftuutti walbiratti osoo dhaamatee dhaamsi isaa haala adda addaatiin maatii isaa dhaqqabuu danda'a.

#### **ii. Tuulama Odeeffannoo**

- ✓ Odeeffannoo hamma fudhachuu danda'amu ol yoo ta'e, **dagachuu** yookiin **nu harkaa wal dhahuu** danda'a.

➤ Fakkeenyaaf, daa'ima dhaamsa walxaxaan qabsiisanii ollaatti erguu. Nama waa'ee koompiitaraa hin beekne guyyuma tokkotti sagantaawwan hedduu barsiisuufi kkf ta'uu danda'a.

### iii. **Dhimma Dhokataa**

- ✓ Kaayyoo addaatiif akka icciitiitti qabamee namoota biraaf isa hin ibsamnee dha.
- ✓ Kana jechuunis nama tokko waliin yaada wal jijjiiruuf yommuu feenu nama sana dhimma barbaanne yookiin odeeffannoo irraa argachuu feene dhiisne mala biroon sababa biroo mata-duree godhanne yaada barbaanne argachuu dha.
- ✓ Fakkeenyaaf, nama aare “aartee jirtaa?” jechuurra “Har'a eessa oolte?”,”eenyu waliin turte?”,”maal hojjachaa turte?”...fi kakana fakkaatutti fayyadamuun odeeffannoo kallattiin barbaanne dhiifnee kanaa naannawaatiin odeeffannoo abuuruudha.

Akkuma ibsawwan armaan olitti dhiyaatan irraa hubachuun danda'amutti, jeequmsi qunnamtii wantoota dhaamsi akka dhaamsa dabarsaarraa ka'ee dhaamsa simataa bira g'umsaafi qulqullinaan akka hindhaqqabne taasisan hammata. Kallattiin jeequmsaa akkuma gahee fudhataan qunnatii jijjiiramuun geeddaramaa deema. Qunnamtiin hundinuu (xiqqaatus guddatus) jeequmsa hamma ta'ee niqabaata. Jeequmsa xiqqeessuu malee guutumaan guutuutti maqsuun ykn too'achuun hindanda'amu. Jeequmsi qunnamtii taatee gonkumaa hambisuun hindanda'amne. Jeequmsi waan hafuu miti. Ta'ullee garuu, madda rakkoo jiru hubachuun dhiibbaasaa xiqqeessuun nidanda'ama. Dhiibbaa jeequmsaa xiqqeessuun kan danda'amu ibsa (dhiheessa) ifa ta'etti gargaaramuu, dandeettii qunnamtii jechaafi mitijechaa qindoominaan fayyadamuu, Hubannoo afaanii aadaafi haalgalumsaa gabbifachuu, dandeettii dhaggeeffachuu, hubachuufi yaadgabbisaan deeggaramuun jeequmsa qunnamtii xiqqeessuun nidanda'ama.

## IV. **Gufachiisoowwan Biroo**

**A. Gufachiisoo Walitti Siqeenya Qaamaa:** Qunnamtii keessatti, walitti dhiheenya qaamaa hirmaattotaa murteessaadha. ta'ullee, aadaa adda addaa keessatti namoonni walitti dhiheenya qaamaa irratti hubannoo adda addaa qaba. Namoonni hammuma qaamaan wlitti dhiyaataa dhufan yaadaanillee walitti dhiyaatuuf carraa argatu.

Proximity in different cultures is different and therefore needs to be taken in the right context. It has been observed that people coming from rural backgrounds

with more physical space available may not feel comfortable in closed quarters as they tend to have larger personal spaces as compared to people living in urban conditions. This aspect alone can become a significant psychological barrier if they subconsciously feel “threatened” by inadvertent “invasion” of their personal space in case an urbanite approaches them in close proximity considering it as a normal personal space.

- B. Qoolleffannaa (Withdrawal) Nama biroo wajjiin hariiroo qabaachurraa of daangessuu.
- C. Ayyaana (Rituals) Namoonni tokko tokko ayyaana qabna, ayyaanni keenna yoo namatti dhiyaanne ni fashala yln nudheekkama jedhanii hariiroo namoota wajjiin qaban kanniin lagatan jiru.
- D. Yeroo Dabarfannaa (Pastimes):-Namoonni tokko tokko hamma hiriyyaa isaanii argataniif ykn hamma maatii isaanii arganiif jecha yeroof namatti dabarfachuuf qofa namatti dhiyaatu malee hariiroo dhugaa keessa seenanii miti. fill up time with others in social but superficial activities.
- E. Gochoota Hojjachuu (Working activities):- Hojii seeraafi qajeelfama tokko hojjatu wajjiin hojjachuun ykn wajjiin guutuun jechuun qunnamtiidha jechuu miti
- F. Qaamaa walitti dhiyaachuu fkn konkolaataa wajjiin yaabbachuu, daree keessatti teessoo tokkorra wajjiin taa’uu, wajjiin dhaabbachuu, qunnamtii hinjechisiisu. Contact but do not essentially mean communication.
- G. Dhaamsa tamsa’u qulqulleeffatanii dhagahuu dhabuu, Miira jibbansaatiin dhaggeeffachuu (prejudice ), Haala sagalee (Accents), Yaada dubbataan eegale dhaamsa simstaan ofii isaatii itti guuttachuu (Finishing person’s sentence for him/her)



## BOQONNAA LAMA: Moodeeloota Qunnamtii

### Kaayyoowwan kutaa kanaa:

Mataduree kana barattee yoo xumurtu:

- *Moodeela jechuun maal jechuu akka tahe ibsuu nidandeessa.*
- *Moodeela qunnamtii jechuun maal jechuu akka tahe ibsuu nidandeessa.*
- *Moodeelota qunnamtii gara garaa giduu tokkummaafi garaagarummaa jiru nimadaalta .*
- *Moodeelonni tokkoon tokkoon isaanii xiyyeeffannoo isaanii hubatta.*

### 2.0. Maalummaa Moodeela Qunnamtii

- ✓ Moodeliin yaada ykn adeemsa walxaxaa ta'e tokko haala qabatamaa taasisuufi bifa salphaa ta'een agarsiisuufi hubachuuf gargaara.
- ✓ Fakkeenyaaf, haala sammuun namaa barachuufi barsiisuu keessatti hojjatu barsiisuuf haala koompiitariin ittin hojjatu fudhachuun agarsiisuun akka danda'amu isaa hayyoonni ni ibsu.
- ✓ Qunnamtii keessatti moodeelonni xiyyeeffannaa adda addaa qaban hedduutu jiru.
- ✓ Haata'u malee, moodelli kanatu dhugaadha kanatu dhugaa miti kan jedhamu ulfaataa ta'ullee waa lama irratti hundaa'amanii madaalamuu nidanda'u. Isaanis :-
  - a. Moodeelichi odeeffannoo qindaa'aa waa nuhubachiisu qaba kan jedhuufi
  - b. Moodeelichi hangam hubannaa hindogoggorsine dhimmicharratti akka dabarsu.

Haaluma kanaan, hayyuun 'Moss, S.' jedhamus haala gadiitiin ibseera.

*First, how effectively does the model permit us to organize data and then make successful predictions about such data? And second, how much research does the model generate? Keep in mind that the model can prove valuable even if the research simply uncovers that it is a misleading one. In both criteria the primary concern is with utility. The question then is not "is this the right model?" but "is this the most useful model" (Tubbs, S.T. and Moss, S. 1983:124).*

- ✓ Moodeelatti gargaaramuun caalaatti yaada tokko hubachuuf gargaara.
- ✓ Xiyyeeffannoo abbaa moodelichaa hubachuufis nitajaajila.
- ✓ Akkasumas, maal irratti akka inni hinxiyyeeffanne niagarsiisa.
- ✓ Kanaafis, akkaataa qunnamtiin ittiin raawwatamurratti moodeelootni garaagaraa nijiru. Isaanis kanneen armaan gadii muraasa isaanii ta'u.

## 2.1. Moodeela Gochaa/Dhaamsa Tamsaasuu/ (Action/Linear Model)

The linear model views communication as a one-way or linear process in which the speaker speaks and the listener listens. The main flaw in the linear model is that it depicts communication as a one-way process where speakers only speak and never listen. It also implies that listeners listen and never speak or send messages.


**Laswell's (1948)** model was based on the five questions below, which effectively describe how communication works:



### Moodeela Qunnamtii Berloo (Berlo's Communication Model)

Hayyuun Deeviid Beerloo jedhamu bara 1960 moodeela isaa kana hundeesse. Moodelli isaa kunis qaamota gurguddoo afur ofkeessa kan qabudha. Isaanis: Dhaamsa dabarsaa (Madda (Source), dhaamsa (Message), Toora (Channel) fi dhaamsa Simataa (Reciever) jeddhamu. Qaamoleen arfan kunneenis qabxiiwwan garaagaraa of jalatti qabu. Kanneenis akka armaan gadiitti ilaalla.

**Shannon and Weaver's (1949)** model includes noise or interference that distorts understanding between the speaker and the listener. Figure below shows a linear model of communication:




**Figure 1.3:** A linear model of communication



- ✓ Akka yaada hayyoota modeela kanaatti qunnamtiin gochaan mul'achuu danda'a.
- ✓ Kanarraa ka'uudhaanis qunnamtiin dhaamsa nama tokkorraa gara nama biraatti ykn namootaatti erguudha jedhu.

Kanarraa kau'uudhaan moodeeliin kun amaloota isaa armaan gadiitiin beekama. Isaanis,

- ✓ Qunnamtii keessatti moodeloota jiram keessaa akka moodeela bu'uraatti fudhatama.
- ✓ Qunnamtiin qaama dhamsa dabarsuufi (sender) fi dhaamsa fudhataa (receiver) qaba.
- ✓ Qunnamtiin adeemsa walxaxaa kan hinqabneefi salphaamatti ergaan dhaamsa kennarra gara dhaamsa fudhataatti (fudhattootatti) deema.
- ✓ Moodeelichi isa salphaadha jedhama.
- ✓ Xiyyeeffannaa ergaa dabarsaaf waan kennuuf dhiibbaa ergaa fudhataa (fudhattootaan) ergaa kenna irratti yoo xiqqaate mitijechaan dhaqqabsiisu hin agarsiisu.
- ✓ Haalli isaa adeemsa haasawa hawaasaa (public speaking) iin walfakkaata.
- ✓ Walumaa galatti, moodeelli qunnamtii kun odeeffannoon kallaattii tokkoon yaa'a jedha. Gama ergaa fudhataatiin yaadgabbisni ergaa kennaan kennamu homtuu akka hinjirretti yaadama.




## 2.2. Moodeela Dhaamsa Waljijjiiruu (Interactional Model)

- ✓ **Schramm (1955) in Wood (2009)** came out with a more interactive model that saw the receiver or listener providing feedback to the sender or speaker. The speaker or sender of the message also listens to the feedback given by the receiver or listener. Both the

speaker and the listener take turns to speak and listen to each other. Feedback is given either verbally or non-verbally, or in both ways.

- ✓ Moodeeliin intaraakshinaalii moodeela gochaa (moodeela liinaarii) irratti kallattii qunnamtii tokko dabalee fooyyessuun dhiyeessa.
- ✓ Akka moodeelii kanaatti, qunnamtiin kan adeemsifamu namni tokko ergaa nama biroo dabarsee booda namni ergaa fudhate sun immoo isarratti hundaa'ee ergaa isaa bifa yaadgabbisaatiin akka deebisu agarsiisa.
- ✓ Moodeeliin kun waliin haasaa namoonni lama waliin taasisaniin walfakkaaata jedhama.
- ✓ Sababnis, namoonni lama waliin haasawaa (Conversation) yommuu taasisan dabareedhaan waliin haasa'u.
- ✓ Innis yeroo inni tokko hasa'u inni tokko nidhaggeeffata.
- ✓ Kan dhaggeeffate sana irratti immoo yaadagabbisa kenna.
- ✓ Kanaaf, haala kana keessatti namoonni lamaan carraa ergaa kenna yookiin fudhataa ta'uu dabareedhaan qabaatu jechaadha.
- ✓ Haalli adeemsa qunnamtii moodeela kanaas 'Judy C. Pearson (2003: 21), "Adoption of communication as one person sending a message and a second person receiving the message and then responding with a return message." Jechuun ibsa.
- ✓ Akkasumas, hayyoonni moodeela kanaa qunnamtii haala kanaa tapha kubbaa saaphanaa (basket ball) dhaan walfakkeessu.
- ✓ Sababni isaas akkuma tapha kaachoo kana keessatti kubbaan takkaa darbatame kan deebi'ee darbatamuu danda'u yoo qabame qofa akkuma ta'ee ergaa fudhataan ergaa deebisuu kan danda'u yoo ergaa kennaan ergaa dabarsee qofa. Walumaa galaatti, moodeela kana keessatti qunnamtiin gamlamee ta'uun isaa nimul'ata.



- ✓ The main drawback in the interactive model is that it does not indicate that communicators can both send and receive messages **simultaneously**. This model also fails to show that communication is a dynamic process which changes over time.


### 2.3. Moodeela Tiraanzaakshinii ( Transaction Model )

- ✓ The transactional model shows that the elements in communication are interdependent. Each person in the communication act is both a speaker and a listener, and can be simultaneously sending and receiving messages.
- ✓ Moodeela kana keessatti ammoo akka moodeela inteeraakshiinaalii qunnamtiin ergaa kennaafi ergaa fudhataa dabareen kan dhiyeessu osoo hinta'in lamaanuu haaluma tokkoon ergaantakkaa (symultaneously) qooda fudhatu.
- ✓ Kanaafis, ergaa kennuufi fudhachuun ga'eewwan addan ba'anii dabareen adeeman osoo hintaane taatee ergaantakkaati.
- ✓ Kanas, hayyoonni moodeelii kanaa yommuu ibsan, “ According to transactional views people are continually sending and receiving messages; they can't avoid communication, or communicators simultaneously sending and receiving messages” jedhu.
- ✓ Haalli moodeela kanaa kan walfakkeeffame tapha kubbaa walxaxaa ta'ee, kan keessatti taphataan tokko kubbaa yeroo murtaawaa hintaaneef kubba sana qabuufi darbachuu danda'u kanas kallattii barbaadeefi abbaa barbaadeef taasisuu danda'a.
- ✓ Taphattoonnis taphachuuf dabaree eeggachuun dirqama miti. Haata'u malee, garuu taphichi seerotaafi waan eegamu waliin niqabaata.

Modeelli kun qaama toorba (7) of jalatti qaba. Isaanis: dhaamsa dabarsaa, Dhaamsa, Hubachiisuu, Toora, Dhaamsa simataa, Hubachuu, Yaadgabbisa.



Dhaamsa Dabarsaa




Toora



Dhaamsa Samataa

## 2.4. Moodeela Ijaarsaa (Constructivist Model)

- ✓ Moodeeloonni olii sadan kallattii adeemsa qunnamtii muli'isan.
- ✓ Moodeelli ijaarsaa sochiin odeeffannoo ergaa dabarsaarraa gara ergaa simataatti (Source to receiver), altokkotti ergaa kennaafi fudhataa ta'uun (source and receiver simultaneously) ta'uun kan adeemsifamu miti jechuudha.
- ✓ Moodelli ijaarsaa ergaa fudhattoonni sammuu isaanii keessatti dhugaa (ilaalcha) kan isaanii uumuu danda'uu jechuudha.
- ✓ **Constructionist Model.** There is an additional working definition of communication to consider that authors like Richard A. Lanham (2003) and as far back as Erving Goffman (1959) have highlighted. This is a progression from Lasswell's attempt to define human communication through to this century and revolutionized into the constructionist model. **Constructionists believe that the process of communication is in itself the only messages that exist. The packaging can not be separated from the social and historical context from which it arose.**
- ✓ Kanas, haala fakkii gadiin hubachuun nidanda'ama.




- ✓ Akka moodeela kanaatti mari'attoonni lamaan jechoota hiikamuu danda'an waliif dabarsuun hiika mataaa isaa / ishee itti kennu.
- ✓ Kanaafuu, hiikni ergaa dabarsaan nita'a jedhee yaadu hiika ergaa simataan kennurraa adda ta'uu nidanda'a.
- ✓ Kaayyoon isaanii waliigalteerra ga'uu danda'uu waan ta'eef hiika ofiin kennan irratti yaada isaaniis bifa mariitiin waljijjiiruun murtee tokkorra ga'u.
- ✓ Ergaan haala kanaan argamus ergaa marii **(negotiating meaning)** jedhama.

- Kanarraa ka'uudhaan moodeeliin ijaarsaa adeemsa qunnamtii bu'aa qabeessa adda addaatti kan uummatuudha jechuu nidandeenya.
- Moodeelicha keessatti ergaan kan kallattii tokkoon gam tokkorraa gara biraatti yookiin kallattii ta'e tokkoon ergaa kennaarraa gara simataatti akka qorichaa marfeen kennamuu kan ce'u ykn kan tamsa'uu miti.
- Akkasumas, callisee akka tapha kubbaa asiifi achii kan deebi'uu miti. Adeemsa walxaxaafi dabareen hinbeekamneen kan adeemsifamu (akka moodeela tiraansakshinaalii ) kan adeemsifamu miti.
- Akka moodeela kanaatti qunnamtii gaarii jechuun namoonni waliin mariidhaan ergaa tamsa'e ykn (hiika **dhaamsi tamsa'e sun argate**) irratti waliin galuu danda'anidha.

## 2.5. Moodeela Aadaa (Cultural Model)

Moodeelli kun qunnamtii keessaatti aadaa akka bu'uraatti ilaala. Qunnamtiin kan uumamu aadaa irraa ka'eeti jedha. Kanaaf, gahee aadaan qunnamtii keessatti qabu beekuun isa calqabaafi murteessaadha jedha. Yoo kana hintaane qunnamtii taasifamu keessatti walhubachuun rakkisaadha aada jedhu qaba. Qunnamtiin adeemsifamus mallattoowwan garaagaraa; kan afaanii, fi mit afaanii ta'uu nidanda'u. Kanneen hundi aadaatiin qajeelfamu. Qunnamtii keessatti hiika qaxxaamursuuf (to share meaning) waliin marii yookiin 'negotiation' irratti hundaa'a. Kunis kan adeemsifamu haala aadaa irratti hundaa'eeti.


Aangoo aadaa keessatti (Power in Culture )



## 2.6. Aangoo Moodeela Qunnamtii keessatti (Power in Communication Model)

Moodelli kun qunnamtii keessattui gahee walitti dhufeenyi aangoo qabu irratti Xiyyeeffata. Aaangoon qunnamtii irratti dhiibbaa kan qabu qofa osoo hinta'iin, akka qaama qunnamtiitti

ilaalama. Akka moodelichaatti bakkeewwan hojiin garaagaraa raawwatutti hariiroo qunnamtii hogganaafi hogganamaa giddutti uumamu irraa haala kana hubachuun nidanda'ama



### Moodeela Aangoo Qunnamtii Keessatti

Akka moodeela kanaarraa hubatamutti, hawaasa keessa kutaalee hawaasaa garaagaraatu jiru. Kutaalee kanneen keessa hirmaattonni qunnamtii taasisuu danda'aniif gitaa walii ta'an jiraachu qabu. Kutaalee garaagaraa kanneen kan walitti fidu danda'u immoo aangoon nijiraata jechaadha. Aangoon awaasa keessa kun kutaalee garaagaraa miseensonni sadarkaa garaagaraa irratti argaman walitti fiduudhaan bulcha. Walumaa galatti, walitti dhufeenyi namoota cimaan kan jiraatu kanneen aangoo walfakkaataarra jiran ta'a jechuun nidanda'ama.

## BOQONNAA SADI

### 3. Gosoota Sadarkaawwan Qunnamtii

Hojii hunda keessatti faayidaan qunnamtiin qabu ol'aanaadha. Haaluma akaakuu qunnamtiin keessatti barbaadamurraa ka'uun gosoonni qunnamtiillee gargar ta'u. Addunyaa keenya keessatti namoonni akaakuu hojii adda addaarratti bobba'anii jiru. Ilmi namaatis haaluma hojii irratti bobba'eerraa ka'uun namoota tajaajila irraa barbaadan waliin yookin namoota tajaajila irra barbaadu waliin qunnamtii adda addaa taasisa. Namoonni kunneen kan tajaajila kennus kan tajaajilamus yookin kan gaafatus hundi isaanituu sirriitti walii galuuu barbaadu. Sirriitti waliigaluuf garuu waa'ee qunnamtii kan baratani fi ogummaa qunnamtii qabaachuun baraachisaadha.

Qunnamtiin mi'eestituu jireenyaati. Namni nyaata mi'aawaa qopheessun dura mi'eessituu nyaatichi akka mi'aa'uu taasisan filata. Mi'eessituuwwan hanga barbaachisu nyaaticha qophaa'aa jirutti dabaluu qaba. Me'eessituu gosa barbaachisuufi hanga barbaachisu nyaatichatti dabaluu yeroo bilchaachuuf barbaachisutti hoo irraa baase akkuma eegame nyaatchi mi'aawaa ta'a.

Qunnamtiin akkuma mi'eessituu kana gosa adda addaa ta'anii bakka tokkotti dhufu. Dandeettii qunnamtii gosa adda addaa qabaachuun keenya dansaadha; qunnamtii gosa kamii wayitii akkamii akka fayyadamnu beekuufi faayidaa keenya galmaan gahachuuf akkuma nyaata gaarii qopheessuuf mi'eessituu fayyadamne sana qunnamtii keessatti gossoota qunnamtii haalaan itti fayyadamuun baraachisaadha.

Qunnamtiin jireenya keenya galmaan gahachuu keessatti gahee guddaa taphata. Keessattuu namoonni hojii daldalaa iiratti boobba'an namoota qunnamtiitti baayyee fayyadamanidha. Dandeettii qunnamtii fooyyeffachuun jireenya keenya keessatti hojii hojjennu hunda keessatti akka milkoofnuuf nu gargaara. Manaajara hojiis ta'ee hojii akka gareetti cimsachuun namoota waliin hojjetan waliin walitti dhufeenya gaarii akka qabaataan waan taasisuuf hundi isaanituu akka milkaa'an isaan gargaara.

Goosoota qunnamtiifi akkeewwan qunnamtiitt ratti hubannaa gaarii qabaachuun namoota waliin sirriitti akka wal hubatan fi dogoggora walhubannaa dhabuurraa dhufu waan hambisuuf hojii irratti bobba'anirratti milkaa'ina fida.

Barataa /barattuu barnoota fagoo, kanaa gaditti waa'ee gosoota qunnamtii ilaalchisee qoodinsi dhiyaateera. Qoodinsa tokkoon tokkooniif ibsi waan kennameef sirriitti dubbisi. Walitti dhufeenyaa fi garaagarummaa gosti qunnamtii tokkoon tokkoon qaban sirriitti hubadhu. Odeeffannoo dabalataatiif maddoota wabii xummura baqonnaarratti eeraman dubbisi. Moojula keessatti kan dhiyaate qofa osoo hinta'in maddoota irraa waa'ee gosoota qunnamtii ilaalchisee kan barraa'e dubbisuun hubanna fi ogummaa qunnamtii kee cimsuu qabda.

Kaayyoowwan kutaa kanaa

Kutaa kana barattee hoo xummurte:

- ✓ Gosootni qunnamtii kam akka ta'an addaan ni baafatta.
- ✓ Maalummaa gosoota qunnamtii tokko tokkoon ni ibsita.
- ✓ Garaagarummaa gosoota qunnamtii ni ibsita
- ✓ Haala hojiirra oolmaa gosoota qunnamtii ni addeessita.
- ✓ Gosoota qunnamtii keessatti qaamota hirmaatan addeessuu ni dandeessa
- ✓ Amaloota gosoota qunnamtii tokkoon tokkoon qaban ibsuuni dandeessa.

Barataa/ttuu barnoota foagoo, ibsa kennameetti osoo hin darbin dura waa'ee gosoota qunnamtii irratti muuxannoo qabdurratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan deebisuuf yaali.

### Shaakala

1. Kanaan dura waa'ee gosoota qunnamtiin qabaachuu danda'u irratti barnoota tanaan duraa irraa yookin muuxannoo kee irraa wanti beektu jiraa?

-----  
-----

2. Waa'ee qunnamtii ilaalchisee muuxannoo qabdu bakka duwwaa armaan gadiirratti guuti.

-----  
-----

3. Yaada armaan olitti kastee fi kan kanaa gaditti siif dhiyaate walbira qabii dubbisi.



---

---

### **3.1 Goosootaa Qunnamtii**

Qunnamtiin galma galhinsa hojii adda addaatiif gummacha guddaa taasisa. Gosti qunnamtiis haaluma amala hojiiitiin gargar ta'u. Qunnamtiin kan irratti hundaa'u yaada wal jijjiiruu, ilaalcha ykn odeeffannoo waljijjiiruurratti xiyyeeffata. Kunis dubbiidhan, barreeffamaan yookin mallattoodhan ta'uu danda'a. Haala qaamota qunnamtii keessatti hirmaatan irratti hundaa'uun fi dhimma qunnamtii keessatti jiru irratti hundaa'uun gosoota qunnamtii eeruun nidanda'ama. Hirmaattonni qunnamtiis nama dhuunfaa tokko yookiin nama lamaa fi lamaa ol yookiin hawaasa bal'aa ta'uu danda'u. Kanaaf haalli baayyina hirmaattotaafi dhimmi qunnamtii keessatti dhiyaatu gosoota qunnamtii ni murteessu jechuudha.

#### **3.1 Qunnamtii Matayyaa ( IntraPersonal Communication)**

Qunnamtiin matayyaa namuma tokkotu ofii isaa waliin qunnamtii taasisa. Kunis dhimma tokko qulqulleessee hubachuu fi dabarsuuf of qopheessuuf itti fayyadama. Haaluma wal fakkaatuun qunnamtiin ofiinii yaada sammuu nama tokkoo keessatti naanna'u , kan namichi yaada sammuu isaa keessa naanawu kana waliin qunnamtii taasisu jechuudha.

Maalummaan qunnamtii kana ittiin beekamu erga yookiin yaada qaamota adda addaa gidduuti wal jijjiirsisuu ta'eellee hoo hubatame qunnamtiin namni tokko sammuu isaa waliin yaada qabu goodatus adda bahee akka gosa qunnamtii tokkootti ilallamuu jalqabeera.

Kunis qunnamtiin jiraachuuf kan barbaachisu dhimmi irratti dubbatan jiraachuu qaba. Namni sammuu isaa waliin irratti yaada waljijjiiru qaba. Kanaafuu qunnamtiin jiraachuuf kan murteessaa ta'e dhimma (ergaa), qaama ergaan darbuuf fi kan ergaa dabarsu jiraachuu qaba. Haaluma kanaan hoo ilaalle qunnamtii ofiinii keessatti namichi fi sammuu namichaa ergaa kennaa fi fudhataa hoo ta'an, dhimmi irratti dubbatan immoo ergaa ta'a jechuudha.

Sagalee ol fuudhanii dubbisuu fi waan dhagayan irra deebi'anii jechuun xiyyeeffannaa kennuun waan sagalleessuun jedhu san hubachuufi tursiisuuf gargaara. Kun keessattuu sadarkaa barattoota kutaa gad -aanaa keessatti baayyee fayyada.

Qunnamtiin ofiinii kan yaadan waraqaarratti qabachuu fi ennaa barbaadan warqaarraa dubbisuu ni dabalata. Haala kanaa yaadannoo qabachuuf ni dabalata. Yaadannoo qabatamu kun

barreeffamaan qofaa miti namichi haala yaadichi galeefin boca adda addaatin ka'uun yaada sammuu isaatti dhufu tarsiisuudhaan booda itti fayyadamuu ni danda'a (doodling, sketching) Qorannoon adda addaatis akka ibsutti dandeetiin namoota biroo waliin taasifamuu waliin walitti dhufeenya guddaa gaba. Keessattuu daa'imman dubbii isaanii sagalee ol fuudhuun seeneessuudhan of dhaggeeffachaatii akka namoonni gurguddaan dubbatanitti dubbachuu kan shaakalan qunnamtii ofiinitti fayyadamuuni. Qunnamtii Ofiinii Ilaalchisee Yaada Saditu Jiru:

### **1. Of beekuu**

Qunnamtii ofiinii keessatti yaanni bu'uura of beekuudha. Dubbataan sochii ittiin of beekuudha. Of **hubachuu** jedhama. Kunis dubbataan namoota biroo waliin dubbachuuf yookiin qunnamtii gochuuf kan ittiin of qopheessudha. Wantoota qunnamtii miidhan kan ittiin hubatuudha.

Qunnamtii keessatti haqaafi dogoggora jiru yookin gaarii fi yaraa ofitti amanuudhan adda baasee hubachuuf itti gargaarama. Kanaaf of beekuun ofitti amanuu fida jechuudha.

Dabalataanis of beekuun qunnamtii keessatti sonaalee jiran beekuuf gargaara. Qunnamtii keessatti waan sirrii fi sirrii hinta'in adda baasanii hubachuun of itti amanuu jedhame san nicimsa. Sonni sammuu namaa fi yaada yookiin ilaalcha namaa waliin walqabatee kan jiruudha. Inni biroo qunnamtii ofiinii keessatti mul'atu ilaalcha. Ilaalchi barnootaan yookiin shaakalaan kan fooyya'u ta'ee sonarratti hundaa'a.

### **2. Of keessatti dubbachuu**

Of keessatti dubbachuun sammuu ofiitti yaaduun walfakkaata. Sammuu ofii keessatti dhimma tokko qaaccessuu fi irratti xiyyeefachuudha. Yeroo baayyee osuma hin rafin akka abjootuu yookiin kadhannaa waaqaatin walfakkaata.

### **2. Sagalee olkaasuu**

**Qunnamtii keessatti dhimma tokko sirriitti ifa gochuuf sagalee ol fuudhun dubbachuudha..**

Qunnamtiin ofiinii yaad-deebin nama biroo waan hin barbaanneef bakka barbaadee fi yeroo barbaadetti dubbataan raawwachuu danda'a. Yaada ofii nama biroo bira osoo hingahin xiinxaluu fi dogoggora jiru sirreessuuf gargaara. Keessattuu sadarkaa gad-aanaatti daa'immaan qunnamtii namoota waliin taasifamu baruuf qunnamtii ofiinii akka shaakala qunnamtiitti itti fayyadamu.

Haa ta'u malee qunnamtiin ofiinii namichaa fi sanmuu namichaa waliin waan ta'eef yaada ka'ee fi akkaataa yaanni ittiin jedhamerratti qaamni duub deebii kennuuf hin jiru. Kanaafuu namni waan of waliin dubbaturratti duub-deebii waan hin qabneef of sirreessuu dhiisuu danda'a. Duub-deebii dhabuun kun akka hanqina qunnamtii ofiiniitti ilaallama.

### **3.2. Qunnamtii Namootaanii/Namlamee (Dyadic/Interpersonal Communication)**

Ilmi namaa bu'urri isaa hawaasummaadha. Namni bu'aa hawaasa keessa jiraatuuti. Jireenya hawaasummaa keessatti milkaa'uuf qunnamtii fayyadama. Ilmi namaa jireenya hawaasummaa kana keessatti gahee adda addaa qabaata. Hojjetaa mindeeffamaa ta'ee hojjechuu, akka ollaatti, akka miseensa maatiitti, akka gaggeessaa hojii tokkootti gahee taphatu qaba. Ilmi namaa gahee jireenya hawaasummaa kanneen hunda galmaan gahuu kan danda'u qunnamtii namoota biroo waliin taasisuuni.

Hanga fe'es hoo ta'e hojii jireenyaa irratti bobaane keessatti namoota waliin qunnamtii gochuun dirqama. Qunnamtiin namoota waliin raawwannu karaalee (unka) adda addaa qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaf barreeffamaan, afaaniin fi sochii qaamataan ta'uu danda'a.

#### **3.2.1. Maalummaa Qunnamtii Namootanii**

Qunnamtiin namootaa hoo xiqqaate namoota lamaan raawwatama. Namoonni lamaan kunneen qunnamtii isaaniitiin tokko irratti dhiibaa fidu. Tokko kan biroo irratti jijjiirama yaadaa fida. Fakkeenyaaf kuusaale meeshaa keessatti gurguraa meshaalee waliin qunnamtii taasisnu, yookiin barsiisaa fi barataa, yookiin miseensa maatii waliin qunnamtiin taasisnu gosa qunnamtii namootaati.

**Qunnamtiin** namoota waliin taasifamu dandeettii sadii qabaachuu barbaachisa. Isaanis **kaka'umsa, beekumsaa fi dandeettii** barbaada. Qorannoowwan akka ibsanitti bartaan tokko dandeettii qunnamtii namoota waliin qaba hoo jedhamu wantoota sadan kanneen qabaachuun qunnamtii keessatti si'a tokko isaanitti fayyadamuu qaba.

Fakkeenyaaf barataan /barattuun tokko/ takka qunnamtii namootaa keessatti beekumsaa fidadeettii qabaatee /qabaatee namoota waliin qunnamtii taasisuurrati kaka'umsa hoo hin qabaanne barataan / tuun kun/tun dandeettii qunnamtii namootaa qaba /qabdi jechuun hin danda'amu.

Hayyonni qunnamtii akka ibsanitti haala gahumsa qabuun qunnamtii namootaa fayyadamuuf namoota waliin qunnamtii taasisuuf kaka'umsa qabaachuu, beekumsa dhimma dubbatamuu, haala qunnamtii keessa jiru , walumaa galatti beekumsa haala qunnamtiin barbaaduu fi dandeetti qunnamtii sirrii ta'e raawwachuu fi qabaachuun barbaachisaadha. Wantoonni sadeen kunneen qunnamtiif haala mijeessitoota. Qunnamtii namootaa keessatti namoonni hirmaatan akkuma taatota diraamaa gocha raawatan kan beekan sarara deemsa isaanii kan beekaniifi sirriitti kan raawwatan ta'uu qabu.

Haallis qunnamtii namootaa irratti dhiibbaa qaba. Qunnamtii namootaa keessatti hoo hirmaannu haala qunnamtii sanii hoo beekne malee qunnamtii namootaa keessatti milkaa'uun hindanda'amu. Qunnamtii keessatti haala kan jedhamu haala yeroo dhimma dubbatamaa jiru waliin hubachuu yookiin waa'ee seenaa nama waliin dubbachaa jirruu beekuu, haala xiinsammuu jechuunis waa'ee waan dubbatamaa jiruurratti ilaalchaa fi amantaan qabnu qunnamtii namootaarratti dhiibbaa qaba.

Haaluma walfakkaatuun qunnamtii namootaa keessatti aadaanis dhiibbaa mataa isaa qaba.

Aadaan akaakuu lama qaba. Aadaa dhuunfaa fi aadaa gareeti. Garaagarummaan aadaa dhuunfaa fi aadaa garee ilaalcha nama tokkoorraa gara ilaalcha gareetti deemuudha. Fakkeenyaaf biyyoota akka Ameerikaa, Awustiraaliyaa, Beeljiyeem kan kana fakkaatan keessatti olaantummaa kan qabu aadaa dhuunfaati. Ilaalchuma dhuunfaa ofii tarkaanfachusutu jira.

Aadaa dhuunfaa keessatti qunnamtii namootaa haala aadaatin hubachuun baayyee hinjiru. Haala aadaa dhuunfaa keessatti ergaan yookiin ijoon qunnamtii kallattuman dubbii namoota dhuunfaatin hubatama. Kanaafuu aadaa dhuunfaa keessatti qunnamtii namootaa haalaan hubachuun baayyee xiqqaadha. Fedhiin namootaa fuullumatti dubbatama. Kanuma fuulletti jedhameen waliigalama.

Aadaa garee keessatti garuu xiyyeffannoo kan qabu ilaalchaafi fedhii gareeti. Akka aadaa gareetti qunnamtii namootaa keessatti haalli aadaa iddoo guddaa qaba. Ergaan qunnamtii kan hubatamu haala aadaa kanaani. Kanaafuu ergaan qunnamtii yeroo baayyee haala aadaa keessatti dhokataa alkallatiidha ta'a; kan aadicha beeku qofatu qunnamtiirraa fayyadamaa ta'a.

Wantoota qunnamtii namootaa irratti dhiibbaa geesisan keessaa kan biroo haala hawaasummaaati. Akkuma aadaan keenya yaadaa fi hawwii nuti qunnamtii keessatti qabnu

to'atu haalli hawaasummaatis qunnamtii namoota waliin taasisamu irratti dhiibbaa qaba. Fakkeenyaaf haalli hawaasummaa maatii, hiriyaarraa fi bakka hojiitti namootarraa barannu qunnamitii namootaa keessatti ennaa hirmaannu dhiibbaa qaba.

Maatiin keessoon ijoollee qunnamtii rratti maal fakkaachuu akka qabu bassiisuurraa hanga alatti ijoolleen haala itti dubbatan, akkamitti akka dubbatan, eessatti akka dubbatanii fi eenyutti akka dubbatan seera qunnamtii ni barsiisu.

Iddoo hojiittis haalli qunnamtii namootaa ni baratama. Namoota waliin qunnamtii tarsisuun fooyya'insaaf akka gargaaru qorattooni addeessaniiru. Dhaabbata tokko keessatti hojjettoonni qunnamtii namootaarratti hirmaatan dhaabbatichaafis ta'ee mataa ofiitif fayyadamtoota ta'u.

Iddoo hojiitti namoonni qunnamtii namootaa hin qabane gammachuu hinqaban; odeeffannoos hin argatan. Walumaagalatti hojjettoonni iddoo hojiitti qunnamtii namootaa qaban afaaniinis ta'ee barreeffamaan dandeettii qunnamtii niqabu. Namoota biroo waliin gareen hojjechuurrattis ni milkaa'u. Dandeettiin namootaan waliigaluu isaanitis fooyya'aadha. Kaka'umsi isaan qunnamtii namootaa keessatti hirmaachuuf qabanis guddaadha.

Walumaagalatti qunnamtii namootaa keessatti haalli maatii, haalli namoota waliin hojjetanii fi haalli hiriya dhiibbaa qaba jechuudha. Maatii keessatti bilisummaa qunnamtii qabaachuun, iddoo hojiitti hirmaannaan qunnamtii namootaa keessatti qabnuu fi hiriyooni keenya dandeettii qunnamtii namootaa keessatti qabaachuu mallu irratti dhiibbaa geesisu jechuudha.

Haaluma walfakkaatun haalli korniyaatis qunnamtii namootaa keessatti akkuma haala aadaa fi haala hawaasummaa dhiibbaa qaba. Koorniyaan ilaalcha hawaasaa keessatti kan gaheen dhiiraa fi dhala ittiin ibsamu. Hawaasa keessatti hojii tokko tokko dubartii qofaaf hojii tokko tokko immoo dhiira qofaaf kennu. Haluma kanaan dubartiin fuuldura namootaatti dubbachuurra qofaatti bilbilaan haasawuu akka jaalatanitti yaadu.

Dhiirri immoo iddoo namoonni jiranitti dubbachuu jalata yaanni jedhu jira. Yaadichi kan maadu kaa dhiirri akka jagna ta'ettii fi dhalaan sodaattuu akka ta'etti fudhachuu ilaalcha hawaasaa irraa madda. Ilaalchi hawaasni koorniyaadhaf kennu kun deemee deemee qunnamtii keessatti dhiibbaa qaba.

**Tilmaamaa fi qunnamtii namootaa (perception and interpersonal communication).**

Kan biroo qunnamtii namootanii keessatti dhiibbaa kan qabu tilamaama. Tilmaamni adeemsa odeeffamnoo qaamolee miiraatin dhufan filachuu, qindeessuu fi hiikkaa itti laachuuti . Waa'ee tilmaama miira keenyaa hubachuun qunnamtii namootaa keessatti dhugaa jiru hubachuuf nu gargaara. Karaa biroo immoo waanuma qunnamtii keessatti nutti dhagayameen kaanee tilmaama fudhanna. Kanaafuu, tilmaamniifi qunnamtiin dhiibbaa walirraan gahaa jiraatu jechuudha. Yeroo tokko tokko tilmaama keenyarratti hundaa'uun dhugaa qunnamtii keessa jiru hubanna. Yeroo biroo immoo qunnamtiirraa kaane tilmaama fudhanna.

Tilmaamni waan dhugaa tokkoo qunnamtii irraa uumamuu danda'a. Fakkeenyaaf, barataan hiriya kee ta'e tokko waa'ee barsiisaa hojii manaa baayyisuu, qormaata ulfeessuu tokko garmalee gadhee taasisee hoo sitti hime atis hiriyaan kee waan sitti hime kana hoo amante barsiisaa kana biratti barachuuf hin filattu. Kun tilmaama qunnamtii keessaa dhufe.

Kanaaf, waan qunnamtii keessatti dhiyaaterra ka'uun waa'ee dhugaa tokkoo akka tilmaamnu ta'a jechuudha. Kun immoo qunnamtiin namootaa tilmaama irratti dhiibbaa geessisu jechuudha. Haa ta'u malee wanti qunnamtii namootaa keessatti qunnamtiirraa tilmaamnu hundi dhugaa mitti. Fakkeenyaaf waa'ee barsiisaa hiriyaan kee gadhee godhee sitti himee kana semisteera itti aanu gola isaa seentee barumsa isaa hordofte haa jennu. Hoj-manee barsisaan kun laatu sirrii ta'uu, madaallin isaa loogiiirraa bilisa kan ta'e barsiisaan kun nama kabajamaa ta'uu hubbatta. Kanaaf dhugaan nama hunda biratti wal hinfakkaatu jechuudha.

Namoonni wanta tokko haala adda addaatin hubachuu (tilmaamuu) danda'u. Wanta tilmaame kana calaqqee dhugaati jennee fudhanna. Qunnamtiin namootaas kan hundaa'uu haala kanarratti. Bu'uurri qunnamtiis dhugaa tilmaamne kana.

Tilmaama sirrii dhabuun qunnamtii namootaa keessatti dhiibbaa /gufuu ta'a/ fida. Waa'ee ofiitis ta'ee waa'ee nama biroo ilaalcha dura qabnurratti hundoofnee qunnamtiitti seenna waan ta'eef qunnamtii namootaa keessatti dhiibbaa qaba.

Ilaalchi mataa keenyaaf qabnu gaarii hoo ta'eefi namootaafis ilaalcha gaarii hoo qabaanne qunnamtiin keenya gaarii ta'a. Karaa biroo ilaalchi ofiif qabnuu fi ilaalchi namootaaf qabnu gaarii hoo hintaane qunnamtiin keenya yaraa ta'a. Sababiin isaatis tilmaamni keenya miira dura qabnu kanarratti hundaa'a. Kuni immoo dhugaa qunnamtii keessa jiru hubachuurratti dhiibbaa qaba.

Haaluma walfakkatuun waa'ee namoota biroo irratti loogii fi jibbiinsa hoo qabaanne waa'ee isaanii loogii fi jibbiinsa qabnu kana irraa kaanee (hundoofne) tilmaamna. Kun immoo waa'ee isaanii ragaa xiqqoo qabnurratti hundoofnee dimshaashumatti akka hamaatti isaan fudhanna. Kanaafuu, namni quunnamtii namootaa keessatti hirmaatu gama tokkoon ilaalcha ofiif qabuun gama birootin immoo waa'ee namootaa loogii fi jibbiinsa qaburraa tilmaama argata. Tilmaama kanaan qunnamtii namootaa keessatti hirmaata. Tilmaamni kun yoo gaarii ta'e qunnamtiin inni namoota waliin taatisu gaarii ta'a. Tilmaamni inni qabu yaraa hoo ta'e (dogoggora hoo ta'e) qunnamtiin isaas yaraa ta'a.

Qunnamtiin namootaa akkaakuu adda addaa qaba. Kunis kan hundaa'u haala nuti qaama waliin qunnamtii goonu san itti hubannurraa madda. Nuti qaama waliin qunnamtii goonu san, akka meeshaatti ilaaluu yookin qaamni sun qunnamtii keessatti hirmaataa qunnamtii ta'ee qunnamtii keenyaaf gumaacha kan taasisu ta'uu isaatin akaakuun qunnamtii namootaa murtaa'a.

### **3.2.1. Qunnamtii namootanii bakka buusa (impersonal)**

Akkuma maqaa isaarraa hubatamu qunnamtii bakka buusa keessatti dubbataan tokko kan biroo akka meeshaatti ilaala. Namni waliin qunnamtii taasisan sun kan caljedhee caqasu malee deebii hin kennu. Fakkeenyaaf gaggeessaa nama tokkoo irratti waa'ee namichaa cimina, hanqinaa fi galatni adda addaa hoo dubbatamu qunnamtii kana keessatti qaamni waa'een isaa dubbatamu sun qunnamtii keessatti hirmaataa mitii . Kanaaf namichi waa'een isaa dubbatamu sun akka meeshaatti malee akka namaatti hirmaataa qunnamtii miti.

Fakkeenya birootin itti gaafatamaan waajjira tokkoo qophii tokkoof galma waajjirichaa akka nuuf eeyyamu gaafachuu kessatti jalqabarratti walqannamtii hirmaachisaa goona. Booda goruu qophii keenya dhumarratti maqaa itti gafatamaa sanii dhoofnee ennaa galateeffannu qunnamtii keenya kana keessatti inni qaaman hin hirmaatu. Nuti garuu maqaa isaa kaasnee wa'ee isaa dubbanna. Qunnamtiin namoota gidduutti bifa kanaan taasifamu **qunnamtii bakka buusee**/bu'ee jedhama.

### **3.2.2. Qunnamtii dhimma dhuunfaa (Personal Communication)**

Akaakuu qunnamtii namootaa keessaa inni tokko, qunnamtii dhimma huunfaati. Qunnamtii dhuunfaa jechuun namoonni lama sirriitti walitti dhiyaatanii dhimma dhuunfaa isaanii ittiin walii qoodanidha. Hiriyoonna garaa qunnamtii dhuunfaa qabaatu. Hiriyoonna dhimma walin irratti

murteessan qabu. Tokko amala kan biroo ni beeka. Amala walii beekan kana irratti hunda'uun wanti isaan waliin dubbatan qunnamtii dhuufaa ta'a.

Fakkeenyaaf bartattoonni qormaata Afaan Oromoo qormanii, qormaata irraa bahan akkana waliin jechuu danda'u. "Akkam ture?" atillee hojjetta toora ati jaalattuu dhufee" (bakka bu'ee) gaariidha hojjedheera (qunnamtii dhuunfaati). Deebii dhuunfaati.

### 3.3. Qunnamtii Garee xiqqaa (Small Group communication)

Kaayyoo barnoota mata duree kanaa :-

- Maalummaa qunnamtii garee xiqqaa niibsita
- Akaakuwwan qunnamtii garee xiqqaa ni addeessita.
- Qunnamtii garee xiqqaa keessatti maalummaa qajeelchaa garee fi gahee qajeelchaa garee ni ibsita.
- Qunnamtii garee xiqqaa keessatti aadaan qunnamtii akka walirraa baramu ni hubatta
- Adeemsa qunnamtii garee xiqqaa ni hubatta
- Dandeettii fi naamusa miseensota qunnamtii garee xiqqaa ni ibsita.

#### 3.3.1. Maalummaa Qunnamtii Garee Xiqqaa

Qunnamtiin garee xiqqaa namoonni muraasni kaayyoo tokko galmaan gahachuu keessatti kan qunnamtii taasisani. Namoonni garee xiqqaa kana keessatti hirmaatan akka miseensa garee ta'an kan beekani fi tokkummaa kan qabani dha. Namoonni qunnamtii garee xiqqaa kana keessatti hirmaatan walgargaarsaan dhimma tokko raawwatu. Hojii waliin walmari'achaa waan hojjetaniif yaadaafi amala walii waljijjiiraa adeemu.

Namoonni garee tokko keessa jiran adeemsa keessa waljijjiiraa, wal fooyyessaa, tokko tokkoratti dhiibbaa gochaa waan adeemaniif gareen sun amala tokko akka qabaatu taasisa. Kanaafuu missensi garee xiqqaa tokko gargaarsa miseensota biroo malee hojii tokko qofaa isaa hinxummuru (fiixan hinbahu).

#### 3.3.2. Akaakuufi Faayidaa Qunnamtii Garee Xiqqaa;

Kallattumaan ibsa akaakuwwan qunnamtii garee xiqqaa osoo hin galin dura mee garee namoonni qabaachuu danda'an yaadi. Ati mataan kee miseensa garee akaakuu adda addaa ta'uu



ni dandeessa. Fakeenyaaf, barataan yuniversiitii tokko miseensa gumii Afaan Oromoo, miseensa bakka bu'aa barattootaa, miseensa gumii farra HIV /Aids/ ta'ee socha'uu danda'a.

**A. Qunnamtii garee xiqqaa hojii tokko raawwachuuf ijaaramu (Task – Oriented)**

Qunnamtiin garee xiqqaa hojii tokko waliin raawwachuuf hundeeffamu xiyyeeffannoon qonnamtii isaanii rakkoo tokko waliin furuu, waliin qayyabachuun qormaataaf wal qopheessuu ta'uu danda'a.

**B. Qunnamtii garee xiqqaa walitti dhufeenyaa.** Qunnamtiin garee xiqqaa walitti dhufeenya miseensotaarraa kan ka'e hundaa'a. Akaakuun garee xiqqaa kanaa faayidaa walii eeguu'fi jaalala waliif qaban irraa kan ka'een uumama. Yeroo hunda waliin turtii waan qabaniif walirraa waa baratu. Fakkeenyaaf, miseensonni maatii fakkeenya qunnamtii garee xiqqaa walitti dhufeenyaati.

**C. Qunnamtii garee xiqqaa filatame (Assigned Groups)** Gosaan hojii tokkoo miseensota muraasaan akka hundaa'u ta'a. Kunis filannoo dhan miseensota kanneenitti dabalamu. Miseensonni garee akaakuu kanaa caasaa ta'e tokko akka guutani hojii caasaan sun barbaadu akka raawwataniif filannoodhan ijaaramu. Fakkeenyaaf, miseensota boordii gorsitoota barattootaa hoo ilaalle barsiisota jiran keessaa filatamanii hojii boordii gorsitootaa akka hojjetan ta'a.

**D. Qunnamtii garee xiqqaa hiriye (Emergent)**

Akaakuun qunnamtii garee gosa kanaa akkuma carraa namoonni garagaraa dhufanii hiriya walii ta'u. Haala ta'e tokkotu walitti isaan waama. Fakkeenyaaf barattootni koollejjii tokko keessatti baratan walbranii waliin qunnamtii hiriyummaa uumuu danda'u.

Goodinsi akaakuu qunnamtii garee xiqqaa garee hojii, garee walitti dhufeenyaa, garee filatameefi gareen hiriya kunneen waa'ee qunnamtii garee xiqqaa hubachuuf haa gargaaruu f malee akaakuwn olii kunneen amala waliin qoodatan hin qaban jechuu mitii, yookin qoodinsa guutumaa guututti adda bahuu miti. Fakkeenyaaf, miseensi qunnamtii garee sadarkaa tokkoffaa (garee hojii) ta'ee tajaajilu jiraachuu mala. Miseensonni maatii tokkoo hojii tokko wal gargaaranii ennaa galmaan gahan miseensota garee sadarkaa tokkoffaa qofa osoo hin ta'in miseensota garee hojii waliin hojjetu yookiin garee sadarkaa lammaffaas ta'anii mul'atu jechuudha.

**3.3.3. Gahee duree garee Qunnamtii garee xiqqaa |(leader ships role in group)**

Qunnamtiin garee xiqqaa bu'a qabeessa akka ta'uuf duree garee qabaachuun barbaachisaadha. Gareen haala itti hojii isaa raawwatu caasaa fi kallattii ifa ta'e qaba. Hojiin (gaheen) duree garee inni guddaan miseentonna haala caasaa fi kallattii qabuun akka socha'an qajeelchuudha.

Dureen garee adeemsa qunnamtii keessatti kaayyoo garee galmaan gahuuf amalaa fi ilaalcha miseensota garee kan jijjiiru, gara kaayyoo taa'eetti kan qajeelchu. Dureen garee qunnamtii fayyadamee miseensota garee amalaa fi ilaalcha isaanii jijjiiruun gara kaayyoo barbaadamuutti kan fidudha. Mariin miseensotaa kallattii gaarii irra akka deemu kan gargaaru jechuudha.

### **3.3.4. Yaad- hiddamoota duree garee (Group Leader Thoretical approaches)**

Yeroo Aristotile irraa jalqabee hanga har'aatti namoonni duree gaarii ta'uun akkamitti akka danda'amu irratti falaasama adda addaa fidaa jiru. Yaad hiddamota kanneen keessaa yeroo ammaa baayyee fudhatama argachaa kan jiru duree garee amala qunnamtii namootarratti hundaa'u.

Haala akkee isaanitiin duree garee iddoo saditti qoodanii ilaaluun ni danda'ama:

- Duree dimokiraatawaa
- Duree laafaa
- Duree abbaa irree jedhamuu danda'u.

Akkuma moggaasa isarraa hubatamu duree dimokiraatawaan kan xiyyeeffatu miseensonni garee hundi murtee garee keessatti akka hirmaatan jajjabeessuurratti. Rakkoo jiru waliin furmaata akka barbaadan jajjabeessa. Yaadaa fi ilaalcha miseensotaa caqasuun gara kaayyoo gareetti haala dimokiraatawa ta'een jijjiira.

Duree laafaan immoo sochii miseensonni garee taasisan hin to'atu, gara kaayyoo gareetti fiduufis sirriitti hin socha'u. kallattii marii garee hin hordofu, hin diriirsu. Kanaafuu, yaada garee bakka tokkotti akka dhufu carraaqii hin godhu. Duree abbaa irree hoo ilaalle immoo miseensota garee irratti to'annoo baayisa. Hojii fi ajaja kennuu malee fedhii miseensota garee hin hordofu.

### **Filannoo duree garee ilaalchisee Akkee dhiyaannaa adda addaatu jiru.**

**Dhiyaannaa Duree garee haalaa irratti hundaa'u.** Akkee (contingency approach /situational) dhiyaannaa haalaatin dureen garee qunnamtii garee xiqqaa gaarii ijaaruu danda'u haala miseensota garee, haala yeroo, haala dandeettii miseensota garee fi haala hojii hojjetamuurratti hundaa'uun garee kan gargaessu ta'uu qaba yaada jedhu qaba. Kanaafuu, dureen qunnamtii

garee xiqqaa akkeen isaa kan hundaa'u haalota garee keessatti uumamuun ta'a jechuudha. Amala garee irratti hundaa'uun kan sochoosuu danda'utu filatama jechuudha.

### **Akkee Dhiyaannaa Ga'umsa qunnamtii (Communication competencies approach)**

Akka akkee dhiyaannaa dandeettii qunnamtiitti, amalli duree qunnamtii garee xiqqaa dandeettii qunnamtii namootaa, miseensota garee, gara kaayyoo barbaadamutti geessuu danda'u ta'uu qaba. Yaada isaa ifatti kan dabarfachuu danda'uu fi namoota gahee hojii isaanii hubachiisu ta'uu qaba. Kanaafuu, akka yaad-hiddama dhiyaannaa dandeettii qunnamtiitti dureen qunnamtii garee xiqqa hojii hojjetamuu fi qunnamtii namootaa irratti dandeettii qunnamtii bu'a qabeessa ta'e kan qabu ta'uu qaba.

### **Akkee dhiyaannaa hundi gahee duree taphachuu (distributed leadership).**

Akka akkee yaad- hiddama kanaatti miseensonni qunnam hundi qunnamtii garee xiqqaa keessatti kaayyoo garee sanii galmaan gahuuf qunnamtii barbaachisu taasisuuf itti gaafatamummaa qabu. Miseensonni garee amala qunnamtii garee san barbaachisu diriirsuu, hojiirra oolchuu, naamusa garee wixineessuu fi hojiin kenname akka xummuramu abbummaan gaggeessu jechuudha. Kanaaf, dhimmi duree garee dhimma (itti gaafatamummaa) nama tokkoo osoo hin ta'in dhimma miseensota garee hunda ta'a ilaalcha jechuudha.

### **3.3.5. Aadaa qunnamtii garee xiqqaa**

Qunnamtiin garee xiqqaa ennaa uumamu aadaa gareen sun ittiin beekamu ni gabbifatu jenneerra. Garee xiqqaan tokko amalaafi aadaa mataa isaa kan adda isa taasisu ni qabaata. Garee xiqqaan kun amalaa fi aadaa waliinii haa qabaatu malee miseensonni akka dhuunfaatti amalaa fi aadaa mataa isaanii qabaachuu danda'u. Miseensonni garee garaagarummaa ijaan mul'atu fakkeenyaaf, bifa, uffannaa .. kkf fi garaagarummaa ijaan hin mul'anne fakkeenyaaf aadaa, sona, ilaalcha .. mataa ofii qabaachuu danda'u. Adda addummaan qaban kunneen aadaa garee xiqqaan waliin qabaachuu qabu sanirratti dhiibbaa fiduu danda'a.

Aadaa garee kan jennu amala miseensonni garee sanii irratti walii galanii fi kan aadaa walii taasifatanidha. Aadaan garee tokkoo akka aadaa sabaa yookiin sanyii tokkoo yeroo hunda kan turu osoo hin ta'in aadaa yeroo gabaabaa jiraatuudha. Walumaa galatti aadaan garee xiqqaa sirna miseensonni garee sanii ittiin qajeelfamani. Aadaan garee amala, ilaachaa, amantii, sona, miseensonni garee qabaniin dhiibbaan irra gahuu danda'a.

### **3.3.6. Qunnamtii Ummata Bal'aa (mass communication)**

Qunnamtiin sabaa odeeffannoo murtaa'e tokko karaalee danbalii adda addaatin odeeffannoo fudhattoota hin mul'anneef dabarsuudha. Odeeffannoon qunnamtii sabaa karaalee danbaliwwan akka televisiinii, gaazexaa fi baruuleetin sabaaf dhiyaata. Qunnamtiin sabaa yunivarsiitiitti keessatti akka ogummaa odeeffannoo raadiyonii, Televisiinii fi gaazexaan dabarsuu barsiisuu irratti xiyyeeffata.

Qunnamtiin sabaa adeemsa adeeffannoo tokko miidiyaa adda addaatti fayyadamuun dhaggeeffattoota ykn dubbistoota (jamaa) adda addaatiif dabassuut. Adeemsa ergaa walfakkaataa miidiyaa adda addaatti fayyadamuun dabarsuuti. Qunnamtiin sabaa akka qunnamtii namootaa fuulaa fuulatti ergaa waljijjiiruutii miti. Duubdeebiin isaas akka dub deebii qunnamtii namoota gidduutti mul'atu san kallattiin osoo hin ta'in alkallattiidha.

Duub deebiin qunnamtii sabaa keessatii atattamaan kan kennamu osoo hin ta'in torbee tokko yoking ji'a tokko booda ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf sagantaa Televiziyiinidhan darbaa jiru tokkorratti qopheessitoonni sagantichaa jamaa sagantaa isaanii hordofan irraa yaada duub deebii funaanuu hoo barbaadan yoo xiqqaate guyyaa tokko, torbee tokkoo torbee lama yookin ji'a tokko keessatti duub deebiin adda addaa jamaa irraa isaan qaqqabuu danda'a. Yaada jamaa kanarraa ka'uun sagantaa isaanii fooyyessuu danda'u. Qeeqonni adda addaas fuula gaazexaa yookin baruulee keessatti yookiin barreeffamoota biroo keessatti kennamuu danda'a.

**Garaagarummaa** qunnamtii namoota gidduu fi qunnamtii sabaa gidduu jiru kan maddu amala adeemsa duub deebii fudhachuu lamaan isaan qaban kana irraa ta'a. Qunnamtii namootaa gidduu baayyee qabatamaa fi amansiisaadha. Karaa birootin qunnamtiin sabaa adeemsa isaa keessatti walirraa fageenyi odeeffannoo kennaa fi odeeffannoo fudhataa gidduu jiru irraa kan ka'e battaluma qunnamtii keessatti jiruun sirreeffama kennuun hindanda'amu. Odeeffannoon karaa qunnamtii sabaa darbu jamaan akkuma galeeffitti hubata, jamaa hunda biratti haala walfakkatun hubatamuu dhiisuu danda'a. Kanaafuu, qunnamtiin sabaa odeeffannoo dabarsuu irratti gufuu qaba; bayyee bilisummaa hinqabu.

### **3.3.7. Qunnamtii sabaa**

Aadaan mul'stuu jiruu fi jireenya keenyaati. Aadaan kan baramuu fi kan itti fufu qunnamtiidhani. Addunyaa waan hedduun hammayyaa'aa jiru kana keessatti barbaachisummaan miidiyaa hedduudha. Kun immoo walitti dhufeenya qunnamtii fi aadaa cimsaa jira.

Bara 1830 keessa yeroo jalqabaatiif gaazexaan akka qunnamtii sabaatti naanna'uu yeroo itti jalqabe irraa kaasee hayyoonni miidiyaa fi qeeqtanni saayinsii hawaasaa kan dhugaa bahan qunnamtiin sabaa fi miidiyaan faayidaa fi humna kan qabu ta'uu isaati.

Wantoonii miidiyaan darban dhiibbaa bu'aa gaarii yookin dhiibbaa bu'aa gadhee fiduuf humna qabu. Dhiibbaan kun sadarkaa amala nama tokkoo jijjiiruu ta'uu danda'a. Jijjiirraan amalaa dhiibbaa miidiyaatin dhufu kun sadarkaa namaatti /xiqqaa/ hoo ta'e, jijjiiramni fidus xiqqaa ta'a.

Dhiibbaan miidiyaa sadarkaa hawaasaa yookiin bal'aa hoo ta'e, jijjiiramni dhufu aadaa hawaasichaa jijjiiraa deema. Dhiibbaan miidiyaan sadarkaa hawaasaatti fidu gaariis ta'e yaraa aadaa hawaasichaa irratti jijjiirama fiduuf humna qaba.

Walumaa galatti dhiibbaan miidiyaa sadarkaa nama dhuunfaatti jiru yookiin sadarkaa xiqqaa amala namoota muraasaarratti qofa jijjiirama fida; namoonni baayyeen dhiibbaa miidiyaa sadarkaa xiqqaatin yookin sadarkaa nama dhuufaatin kallattiin hin saxilaman. Karaa biroo garuu dhiibbaan miidiyaa gaariis ta'ee yaraa sadarkaa hawaasatti yookin sadarkaa bal'aatti hawaasicha irratti jijjiirama amalaa fida hoo ta'e aadaa hawaasichaa jijjiiruu danda'a jechuudha. Haala aadaa hawaasa tokkoo jijjiiruu danda'a jechuudha.

### **3.3.8. Carraa fi Itti gaafatamummaa Qunnamtii Sabaa**

Aadaan qunnamtii fayidaalee gaariif akka itti fayyadamuuf carraa nuuf kenna. Nutis waan gaariif qofa miidiyaa filachuu qabna. Nuti aadaa keessatti jiraannu kan uumnuu fi kan eegnu. Miidiyaan keenyas aadaa gaarii ta'e kan uumuu fi kan eegu ta'uu qaba. Miidiyaan keenyas aadaa gaarii ta'e kan uumuu fi kan eegu yookiin kan kunuunsu ta'uu qaba.

Kanaafuu ogeeyyiin ogummaa miidiyaa keessatti qooda fudhatan qabiyyeen qindeessanii fi tamsaasan kan naamusa ogummaa miidiyaa eege ta'uu qaba. Jamaan isaanii qabiyyee dhiyaatuuf kan qeeqanii fi yaada guutuun kan irraa fayyadaman ta'uu qaba.

Adeemsa qunnamtii sabaa keessatti carraa keenyaa fi itti gaafatamummaa keenya karaa lamaan ilaalun nidanda'ama; aadaa keenya keessatti miidiyaa akka seenaa himaatti hubachuu fi miidiyaa akka marsisaatti fudhachuudha. Qunnamtii sabaa yookiin qunnamtii miidiyaa aadaa keenya

keessatti akka seenaa himaatti kan ilaalluuf, amantaa fi sonni aadaa seenaa miidiyaan himu keessatti waan argamuufi. Namni gaariin eenyu? Namni yaraan eenyu? Enyutu uffata sirrii uffate? Seenaan keenya dhugaa keenya nutti hima, akkaataa itti yaannu, itti sochoonu, fi miira qabaachuu qabnu nu barsiisa. Seeneessitoonni seenaa, aadaa keenya fooyyessuuf carraa guddaa qabu. Kanas haala naamusa ogummaa fi itti gaafatamummaa qabuun bahuu qabu. Dhaggeeffattoonni (Jamaanis) qunnamtii sabaa keessatti seenaa dhiyaatuuf irratti carraa fi itti gaafatamummaa qabu. Dhaggeeffattoonni waan qunnamtii sabaatin dhiyaatu mara dhimma bashannanaatiif qofa oolchuu hin qaban. Qabiyyoota qunnamtii sabaatin dhiyaatan irraa waa'ee addunyaa keessa jiraatanii hubachuu, sonaalee qunnamtii sabaatin dhiyaatan hubachuu, akkaataa wantoonni itti hojjetan hubachuu fi wantoonni akkamitti akka walitti dhufan hubachuu qabu. Dhaggeeffattoonni seenaa himaa fi qabiyyee seenaa irratti gaaffii kaasuuf itti gaafatamummaa qabu. Seenichi waa'ee aadaa isaanirratti kan dhiyeesse ibsuu, hiikkaa itti laachuu, kan nama barsiisu ta'uu madaaluuf gahee guddaa qabu.

Karaa birootin qunnamtii sabaa akka aadaa mariitti (Cultural forum) ilaaluun nidanda'ama. Dhimmoota maatii, sona, jagnummaa, k.k.f irratti hiikkaa fi hubannaa qabna. Akka aadaa keenyaatti dhimmoonni kunneen maal ta'uu akka qaban hubannoo qabna. Kanaafuu, qunnamtiin sabaa dhimmoota aadaa keenyaa irratti mariisisaa ta'ee tajaajila. Maricha irratti yaadni sirriitti tarkaanfate yaada keenya sirreessuu fi fooyyeessuu danda'a. Humni ilaalcha jijjiiru kun kan maddu hirmaattota dhaggeeffattootarraa yookin ogeeyyii qunnamtii sabaa irraa ta'a.

Yaanni namootaa jijjiiru kun ogeeyyii qunnamtii sabaa irraa kan madde hoo ta'e akka ogeessatti socha'uu fi naamusa ogummaa qunnamtii sabaa hojiirra oolchuu isaanii agarsiisa.

Haaluma walfakkaatun qunnamtii sabaa akka aadaa mariitti taasifamu irratti yaanni jamaa irraa dhufu ol'aantummaa argatee hubannoo uumuu yoo danda'e jamaanis odeeffannoo qunnamtii sabaatin darbu keessatti dirqama isaanii bahuu agarsiisa.

### **3.3.9. Seenaa Aadaa Qunnamtii Sabaa**

Seenaa aadaa qunnamtii sabaa keessatti inni jalqabaa aadaa dubbii ture. Aadaan dubbii yookiin aadaan barreeffama dura ture kan hojiirra oolu fuulaa fuulatti walarguun dhimma itti bahamaa kanture. Har'as dhimma ittiin bahamaa jira. Amalli aadaa dubbii hiikkaan qunnamtii keessa jiru tooruma jiraataniin kan daanga'e fi namoonni waliin dubbii gochuuf wal arguu barbaachisa. Beekumsi qunnamtii keessatti argamu kan darbu afaaniini. Keessattuu maanguddonni seenaa

isaanii afaaniin dabarsuuf gahee guddaa taphatu. Isaan hawaasa keessatti baayyee kabajamtoota, ergaa qunnamtii keessa jiru kan ibsu maanguddoota kanneeni. Isaantu beekumsa aadaa dhalootaaf dabarsa. Barruun akka teknoloojii qunnamtii isa jalqabaatti ilaalama. Waggoota 5,000 dura qubeen ittiin barreessan biyyoota adda addaa keessatti jalqabee ture. Qubeen fakkiirratti hundaa'e 'hieroglyphics' kan jedhamu biyya Gibtsitti, biyya Sumeriyaatti immoo "cuneiform" kan jedhamu hojiirra ooluu jalqabe.

Mallattooleen fakkiirratti hundaa'an kunneen ergaa muraasa dabarsuuf mallatto hedduu waan barbaaduuf fooyyessuun dirqama ta'e. Kanaaf, Sumeriyaanonni qubeessuu "cuneiform" jedhamu qubee dubbachiif tuu fi dubbifamaa kan qabu fidan. Kanumarraa sirni qubeessuu amaa jiru kun guddate. Kunimmoo aadaa qaroomaa fide. Aadaa qaroomaa keessatti qunnamamtii sirriitti gaggeessuuf sirna qubeessuu sirriitti fayyadamamuun eegale.

Aadaa qaroominaa keessatti beekumsi kan darbu fuulaa fuulatti qofa osoo hinta'in barruudhan dhalootaa dhalootaatti darbuu jalqabe. Haalli kun argama maxxansaatin kan ka'e baballate. Argamni maxxansaa "warraaqsa Gutenberg" jedhamu nama "Gutenberg" jedhamuun kalaqame. Argamni maxxansaa qunnamtii barruu daran saffisiiseera. Hawaasni hedduun dhimma tokko bakka adda addaatti akka dubbisan taasiseera. Barruun qunnamtii namoota bal'aa ta'uu danda'eera. Kanaafuu, oomishaaleen maxxansaa omisha qunnamtii sabaa isa jalqabaa ta'uun guddinaa fi sirna kapitalisimii saffisiisera. Dimokiraasiitiifis ka'umsa ta'eera. Maxxamsi namoota hundaafuu keessattuu hiyeeyyiif humna guddaa ta'eera.

Babal'inni maxxansaa warraaqsa Industiriifis ka'umsa ta'eera. Beekumsi teknoloojii fi beekumsi saayinsii maxxansa irra ooluun isaa maashinoonni haaraan akka kalaqaman taasiseera. Babalinni industiriis babalina qunnamtii sabaatiif gumaacha godheera. Yeroo jabana industiriin duraa namoonni hojii isaanii human isaanitiin waan hojjetaniif yeroo boqonnaa hinqaban ture. Bara industirii keessa garuu hojii hedduu meeshaa teknoloojiitiin waan hojjetaniif yeroo isaanii qusateefira. Namoonni yeroo boqonnaa isaanii omishaalee bu'aa maxxansaa ta'an akka asoosamaa, barruulee fi gaazexaa dubbisuudhan dabarsu. Haaluma walfakkaatun meeshaaleen elektironikaa babal'achuun bu'aa babal'achuu idustiriiti. Har'a magaalaa hanga baadiyyaatti meeshaalee elektirooniksii akka raadiyoo, TV, fiilmii, kompitara fi interneetii fayyadamuun qunnamtii sabaa tumsaniiru.

### **3.4. Qunnamtii Aadaawwanii (Intercultural Communication)**

Namoonni aadaa adda addaa keessatti jiraataa turan yeroo tokko tokko dhimoota adda addaa irratti walgahuun yookiin walitti dhufuudhan yeroo qunnamtii taasisan uumamuu danda'a. Namoonni kuneen aadaa adda addaa keessaa waan dhufaniif ilaalcha adda addaa, yaada adda addaafi amala adda addaa warra qaban waliin qunnamtii taasisuun yeroo barbaachisu jiraachuu danda'a.

Yaa ta'u malee namoota aadaa adda addaa qaban waliin qunnamtii taasisuun salphaa miti. Namoota afaan adda addaa dubbatan waliin qunnamtii taasisuu keessatti rakkoon afaanii fi garaagarumaan duudhaa dhiibbaa qaba. Walumaa qalatti namoota haala aadaa adda addaatin yaadan kaneen waliin qunnamtii taasisuun ulfaataadha. Kutaa kana keessatti namoota aadaa adda addaa keessaa dhufan waliin qunnamtii taasisuuf akkaataa danda'amu irratti hubaannoo argattee itti fayyadamuu akka dandeessu, namoota aadaa adda addaa waliin qunnamtii taasisuu akka dandeessuufi of abdannaa akka horattuuf si gargaara.

Qunnamtiin aadaalee gidduu jechuun namoota aadaa adda addaa keessaa walitti dhufan waliin odeeffannoo waljijjiiruudha. "the exchange of information between individuals who are not alike culturally." Duritti qunnamtii aadaalee gidduu kan itti fayyadamu mootummoota biyya bulchan, ergamtoota amanti, hojjetoota dhaabbata xiyyaaraa, hojjetoota haajaa alaa fi bakka bu'oota siyaasaa biratti ture. Haata'u malle addunyaa yeroo ammaa keessatti walitti dhiyeenya karaa teknoolojii fi deemsa sochii namoonni biyyaa biyyatti socho'anniin kan ka'e dandeettiin qunnamtii aadaalee gidduu baayyee barbaachisaa dhufeera. Qunnamtiin aadaalee gidduu kan nu barbaachisuuf namoota aadaa adda addaa keessaa dhufan waliin qunnamtii akka taasisuu haalonna uuman waan babal'ataniifi.

Namoonni hedduun qunnamtii aadaalee qidduutti kan dabalaman sababa daawwannaa biyyaa biyyaatti deemaniif, haala hojii idil addunyaa, walitti bu'iinsa biyyootaa, tajaajila loltummaa fi namummaa kennuu keessatti hirmaachuun fi baqattummaan lammiilee biyya adda addaa koluu tokkotti galuun sababa babal'ina qunnamtii aadaalee qidduu ta'uu danda'u. Kanaafuu, haala akkanaa keessatti namoota aadaa garagaraa waliin qunnamtii taasisuun faayidaa odeeffannoo waljijjiiruu waan qabuuf waa'e qunnamtii aadaalee gidduu hubachuun barbaachisaadha.

Karaale qunnamtii aadaalee gidduu qabaachuun rakkoo diinagdee qabnu furuuf ni gargaara. Fakkeenyaaf oomisha bunaa keenya gabaa Awuroophaa, fi Eeshiyaatti gurgurra. Chaayinaa,



Jaappaan, Tayilaandiifi indooneeshiyaa irraa immoo meeshaalee elektironiksii, huccuufi kan kana fakkaatan binna. Barattoonni keenya baratani dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa keessatti namoota adda addaa waliin hojii hojjetu. Kanaafuu, qunnamtiin aadaalee gidduu jabana Gilobalayzeshinii keessatti diinagdee keenya tumsuuf gumaacha inni qabu hubachuun qunnamtii aadaalee gidduutti jiru keessatti hirmaachuuf dandeettii keenya cimsachuu qabna.

**Dabalataanis** qunnamtii aadaalee qidduu baruun waan namoonni jaalatan, waan namoonni aadaa biroo jibban addaan baasuu fi namoota aadaa biroo waliin jaalalaan jiraachuuf nama gargaara.

Dhumarrattis qunnamtii aadaalee gidduutti ta'u baruun kan barbaachisuuf guddina teknolojiitiin kan ka'e namoota biyyoota addunyaa irra jiran adda addaa waliin karaa interneetii, fiilmii, bilbila mobayilaa fi viidiyootin qunnamtii taasisuuf gargaara. Teknooloojiin hammayya kunneen qunnamtii namoota gidduutti fuulaa fuulaan ture jijjiiruun karaalee bu'aa teknoolojii ta'an kanneeniin namoonni aadaa adda addaa keessa jiraatan akka walqunnaman tasisaa jira.

#### **3.4.1. Rakkoolee qunnamtii aadaawwanii keessatti muudatan.**

Akkuma qunnamtii namootaa keessatti rakkooleen gufuu ta'an muudatan qunnamtii aadaalee gidduutti taasifamu keessattis rakkooleen yookin gufuuwwan nijiru.

Gufuuwwan qunnamtii aadaalee gidduutti taasifamu muudachuu danda'an keessaa tokko rakkoo Sanyummaati. Rakkoon sanyii qunnamtii keessatti gareen tokko aadaan sanyii isaa kan warra 81iro caalaa fooyya'aadha yoking nicaala yaada jedhu hoo qabaate qunnamtiif gufuu ta'a. kanaafuu, namoonni waa'ee olaantummaa sanyii garee isaanii gara qunnamtii aadaalee gidduu keessatti hoo fidan gufuu qunnamtii ta'a jechuudha. Aadaa ofii irratti hundaa'anii waa'ee aadaa namoota biroo farajuun rakkoo qunnamtii aadaalee gidduutti mul'atuudha.

Looginis ka'umsa gufuu qunnamtii aadaalee gidduuti. Loogin waa'ee garee 81iro ilaalcha saayinsaawaa hintaane akka waliigalaatti kennuudha. Ragaa malee waa'ee garee tokkoo dimshaashumaan dubbachuudha. Ragaa yookin amala gadhee nama tokkorratti mula'ateen garee yookin sanyiin namni sun keessaa argame amala san akka qabanitti hubachuun jira. Kun immoo qunnamtii aadaalee gidduutti taasifamu ni miidha. Amala nama tokkoo akka amala sanyii garee sanii hundatti hubachuun loogii jedhama.

Kanaafuu, sanyii ofii giddu galeeffatanii waa'ee namoota sanyii keenyaan alaa ta'anii dubbachuu fi loogin gareerratti godhaman qunnamtii aadaalee gidduutti taasifamu hedduu

miidha. Nutis qunnamtii keenya keessatti sanyiin Keenya aadaa 82iro caalaa gaarii akka qabnutti of amansiisaa fi waa'ee garee 82iro ilaalcha loogii saayinsaawa hinta'inin guuttamnee qunnamtii keessa seenuu irraa of qusachuuf qabna. Qunnamtii aadaalee gidduutti taasifamu keessatti waa'ee muuxannoo namoonni qabani, aadaa namootaa, sonaalee namootaa fi ilaalcha namootaa kabajuun barbaachisaadha.

### **3.5. Qunnamtii hawaasaa (public communication)**

- **Maalummaa Qunnamtii Hawaasaa**

Qunnamtii hawaasaa jechuun adeemsa dubbataan tokko yookiin maddi odeeffannoo tokko haala tokkoratti hawaasa dhaggeeffatuuf ibsa kennuu fi hawaasni dhaggeeffatu sunis karaa afaanii fi miti afaanii fayyadamuun gaaffii fi yaadgabbisa ttiin dhiyeessu kan of keessaa qabuudha.

Qunnamtiin hawaasaa kan ittiin beekamu amala mataa isaa qaba. Amalli qunnamtii hawaasaa inni ijoon qunnamtiin hawaasaa idilawaa, saganteeffamaa fi caasaa qaba. Dabalataanis maddi odeeffannoo yookin dubbataan dhaggeeffattoonni isaa ergaa isaa akka hubatan carraaqii guddaa taasisa. Haata'u malee dhaggeeffattoonni haala maddichi barbaaduu fi hanga maddichi barbaadu hubachuu dhiisuu danda'u.

- **Qunnamtii Hawaasaa keessatti Sodaa fi Amanamummaa maddaa (Apprehension and source credibility)**

Sodaa dubbii hawaasa fuulduratti taasifamu irratti nama muudatu maqaalee adda addaatin waamu. Yeroo tokko tokko sodaa waltajjii jedhuun. Sodaan waltajjii taatota yeroo jalqabaaf waltajjii irratti bahan irratti ni mul'ata. Yaaduma kana fakkaatun sodaa qunnamtiis ni jedhuun. Sodaan qunnamtii sodaa bilbilaan haasawa taasisuu irratti jiru, fuulaa fuulatti haasawuu irratti jiru. Sodaa namoota aangoo ol'aanaa qaban waliin qunnamtii taasisuu fi hirmaachuurratti jiru yookiin sodaa hawaasa fuulduratti dubbii taasisuuf jiru ta'uu dada'a. Kanaafuu, sodaan namoonni namoota waliin qunnamtii ennaa adeemsisan irraa mul'atu soda qunnamtii jedhama.

Waa'ee sodaa qunnamtii keessatti muudatu ennaa barannu kaayyoo lamaafi. Innis garaa garummaa soda qunnamtii fayya qabeessaa fi soda qunnamtii fayya dhabeessa adda baasuu nu dandeessisa. Sodaan qunnamtii fayya qabeessi (normal) namoota hedduu waltajjiirratti dubbii osoo hin jalqabin irraa mul'ata. Sodaan qunnamtii fayya dhabeessi garuu rakkoo guddaadha.

Sodaan qunnamtii fayyadha beessi yaalii barbaada. Ta'uu baannan umurii guutuu gufuu ta'uu danda'a.

Sodaan qunnamtii fayya qabeessi namoota hedduu dubbii taasisuu dura kan muudatu ta'ee sodichi of qopheessuuf kan nama kakaasu ta'a. Duursanii qunnamtii uummataaf taasisan irratti akka qophaa'an waan nama kakaasuuf sodaan qunnamtii fayya qabeessi faayidaa qabeessa ta'a. Sodaa qunnamtii fayya dhabeessa warri qaban garuu ennaa qunnamtii taasisan yookiin jamaaf haasawa ennaa taasisan dafanii hawaasa dhaggeeffattootaatin wal hin baran, meeshaalee dubbii yookiin haasawa taasisuuf gargaaran sirnaan itti hinfayyadaman, sagaleen ciccituu fi harki hoollaahuun isaanirraa mula'ata.